# XIINXALA OGUMMAA DUBBISUU BARSIISUU BARATTOOTA AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI BARATANII MAGAALAA SABBATAA (MANA BARUMSA SADARKAA $1^{FFAA}$ ROGGEEFI GAMMEE KUTAA $7^{FFAA}$)

GIRMAA ARGATAA DHEERESSAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAAYEE MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIYAATE.

KOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII

YUUNIVERSIITII ADDIS ABABAA

SADAASA 2014/2021

FINFINNEE

# XIINXALA OGUMMAA DUBBISUU BARSIISUU BARATTOOTA AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI BARATANII MAGAALAA SABBATAA

QORATAAN: GIRMAA ARGATAA DHEERESSAA

GORSAAN: AMANUEL ALAMAAYYOO (PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAAYEE YUUNIVERSIITII
ADDIS ABABAA DHIYAATE

SADAASA 2014/2021
FINFINNEE

**Yunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii lammaffaa**

Waraqq qorannoo ulaagaa Digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookiloorii ittiin guuttachuuf Girmaa Argataa mata duree "xiinxala Ogummaa dubbisuu barsiisuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii magaalaa Sabbataa (Mana Barusa Sadarkaa 1$^{ffaa}$ Roggeefi Gammee Kutaa 7$^{ffaa}$" tiin kan qophaa'e ulaagaa Yunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Boordii Mirkaneesse

Qoraa Alaa____________________Mallattoo______________Guyyaa _______________

Qoraa keessaa_________________Mallattoo _______________Guyyaa _______________

Gorsaa______________________Mallattoo_______________Guyyaa________________

_____________________________________________________________________

Ittigaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa (M A)

# Axereera

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Ogummaa dubbisuu barsiisuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii Mana Barumsa Sadarkaa 1ffaa Roggeefi Gammee Kutaa 7ffaa "xiinxaluu dha.Qorannoon gaggeeffame kunis Mana Barumsa Sadarkaa 1ffaa Roggeefi Gammee keessatti yommuu ta'u manni barumsaa kunis mala iddattoo miti carraa keessatti mala iddattoo itti yaadee (purposive sampling)n filatame. Akkasumas,qorannoon kun mala qorannoo akkamtaafi ammamtaa jechuunis makootiin hojjetamee dhiyaate.Dabalataanis qorannoo kana keessatti barattootni Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti baratan 104 daree 4 (afur) keessaa akkasumas barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan (3) sadiifi itti gaafatamaan muummee Afaan Oromoo mana Barumsaa kanaa carraafi miti-carraatiin walduraa duubaan filatamanii raga akka kennan taasifamee jira.Qorannoon kun yommuu gaggeeffamu meeshaaleen funaansa ragaalee bar-gaaffii kan akka hubannoo waliigalaa,qormaata gaaffilee dubbisa keessaa bahanii,af-gaaffiifi daawwannaadhaan ragaaleen walitti qabamanii jiru.Ragaaleen iddattoowwan irraa walitti qabamanis qaaccessa ragaalee lakkoofsaafi jechaan qaacceffamanii dhiyaataniiru.Xiinxalli bu'aa qormaataa dubbisa keessaa bahanii akkuma nutti agarsiisutti barattootni dubbisa isaanii kenname of danda'anii dubbisanii hubachuu irratti hanqina kan qaban ta'uu isaanii ti.Af-gaaffii adeemsa dubbisa barsiisuufi barattootaafi dhiyaatee yaadni itti kennameefi af-gaaffii adeemsa dubbisuu barsiisuu barsiisotaaf dhiyaatee yaadni irratti kenname akkasumas daawwannaa wayita daree Afaan Oromoo qorataadhaan gaggeeffame irraa kan hubatamutti milkaa'ina dubbisa dubbisuu barsiisuu barsiisaafi barachuu barattootaa irratti gama barattootaanis ta'e barsiisotaan hanqinni kan jiru ta'uu isaati.Hanqinni gama qaamolee kanaan mul'atan kun immoo dubbisanii ergaa dubbisa Sanaa hubachuu dhiisuu fideera.*

*Maddi yookiin sababootni hanqinoota kanaas fedhii barachuu dhabuu barattootaa, xiyyeeffannoo itti kennuun qophii gochuu dhiisuu barsiisotaa, sagantaan muuxannoo waljijjiirraafi leenjiin fooyya'insa ogummaa gama muummeetiinis ta'e gama barsiisotaan itti yaadamee yeroo yeroon kennamuu dhabuu isaa fa'aa yommuu ta'an akkamiin furmaata argachuu danda'u kan jedhu yaada furmaataa kaahuun qorannoon kun qaaccessa argateer.*

# Galata

Duraan dursee umurii, fayyaafi carraa barnootaa kana naaf kennee guyyaa har'aa akkan gahu kan nagargaare, Uumaakoofi Fayisaako isa ta'e Waaqayyoon guddaan galateeffadha.

Itti aansuun qorannoo kana akkan gaggeessu yeroo isaanii aarsaa gochuun osoo hin nuffiin gorsa ogummaa naaf kennuun kallattii naqabsiisanii najajjabeessuun bu'aa kanaaf Kan naan gahan gorsaa kiyya Dr.Amaanu'eel Alamaayyoof galanni KO daran olaanaadha.

Akkasumas, qorannoo kana akkan fiixaan baafadhuuf yeroohunda yaadaafi deeggarsa barbaachisaa ta'e Gama hundaan waan naaf taasisan Haadha warraako Aadde Boggee Gaaddisaa guddaan galateeffadha.

Itti dabalees ogummaa qabaniin osoo of hin qusatiin Kan deeggarsa barbaachisu naaf godhan Obbo Alamaayyoo Obsii guddiseen galateeffadha.

Walumaa galatti, namoota qorannoofi qo'annoo Koo kanarratti ogummaan maallaqaanfi meeshaalee nabarbaachisan adda addaan Kan nagargaaran hundumaaf galanniko daangaa hin qabu.

## Baafata

Qabiyyee Fuula

Axereera ........ i
Galata ........ ii
Baafata ........ iii
BOQONNAA TOKKO ........ 1
Seensa ........ 1
1.1 Ariirrata Qorannichaa ........ 1
1.2 Ibsa naannoo Qorannoo ........ 2
1.3 Ka’umsa Qorannichaa ........ 3
1.4 Kaayyoo Qorannichaa ........ 4
1.4.1 Kaayyoo Gooroo ........ 4
1.4.2 Kaayyoo Gooree ........ 4
1.5 Faayidaa Qorannichaa ........ 5
1.6 Daangaa Qorannichaa ........ 5
1.7 Hanqina Qorannichaa ........ 6
BOQONNAA LAMA ........ 7
Sakatta’iinsa Barruuwwanii ........ 7
2.1 Yaada Rimee Dubbisuu ........ 7
2.2 Dubbisuu ........ 7
2.3 Maalummaa Dubbisuu barsiisuu ........ 9
2.4 Faayidaa Dubbisuu ........ 10
2.5 Gosoota Dubbisuu ........ 11
2.6 Kaayyoo Dubbisuu ........ 11
2.7 Dubbisuu barsiisuu keessatti gahee hojii barataafi gahee hojii barsiisaa ........ 12
2.8 Adeemsa Ogummaann dubbisuu ittiin barsiifamu ........ 15
2.8.1 Sadarkaa Dubbisa duraa (Pre-reading) ........ 15

2.8.2 Wayita Dubbisuu (while reading) 16
2.8.3 Dubbisa Booda (post reading) 16
2.9 Akkaataa Dubbisuun ittiin Barsiifamu 16
2.9.1 Gadfageenyaan dubbisuu 17
2.9.2 Bal'inaan dubbisuu 17
2.9.3 Saffisaan dubbisuu 17
2.9.4 Sakatta'aan dubbisuu 18
2.10 Kaka'umsaan barachuu barattootaa 18
2.11 Gufuuwwan Ogummaa dubbisuu Barsiisuu keessatti Mudatan 19
2.11.1 Dubbisuu irratti Ilaalcha Barataafi Barsiisaan qaban 19
2.11.2 Barsiisonni Dubbisa Barsiisuuf Leenjii Gahaa Dhasbuu 20
2.11.3 Dubbisoonni kitaaba Barataa keessatti dhiyaatan kan kutaa sana hin madaalle ta'uu 20
2.11.4 Gilgaalonni gahoon barattoonni akka ogummaa dubbisuu isaanii irratti shaakalan gahaa ta'uu dhabuu 21
BOQONNAA SADII 22
Saxaxaafi Mala Qorannichaa 22
3.1 Saxaxa Qorannichaa 22
3.2 Madda Ragaa 23
3.3 Mala Iddatteessuu 23
3.3.1 Iddattoo Barattootaa 23
3.3.2 Iddattoo Barsiisotaa 24
3.3.3. Iddattoo itti gaafatamaa Muummee 24
3.3.4 Iddattoo Mana Barumsaa 25
3.4 Meeshaalee Funaansa ragaalee 25
3.4.1 Af-gaaffii 26
3.4.2 Bar-gaaffii 27
3.4.3 Daawwannaa Daree 27
3.5 Tooftaa Qaaccessa Ragaa 28

BOQONNAA AFUR ........................................................................................................ 29
Qaaccessaafi Ibsa Ragaalee ........................................................................................ 29
4.1 Ga'umsa dandeettii dubbisuu barsiisuu ........................................................................ 29
4.2 Ga'umsa qajeelcha barsiisaa ...................................................................................... 39
4.3 Ga'umsa mala dubbisuu dhiyeessuu ........................................................................... 42
4.4 Haala leenjii barsiisotaa ........................................................................................... 43
BOQONNAA SHAN ....................................................................................................... 46
Cuunfaa, Argannoo, Yaboo .......................................................................................... 46
5.1 Cuunfaa ................................................................................................................. 46
5.2 Argannoo ................................................................................................................ 47
5.3 Yaboo .................................................................................................................... 49
Wabiilee .................................................................................................................... 50
Dabalee A .................................................................................................................. 52
Dabalee B .................................................................................................................. 56
Dabalee C .................................................................................................................. 57
Dabalee D .................................................................................................................. 58

# BOQONNAA TOKKO

## Seensa

### 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Maddi beekumsaafi sadarkaan qaroominaa Addunyaan Kun irratti argamtuu ka'umsi isaa barumsa ta'uun isaa eenyu waliinuu wal Nama hinfalmisiisu. Barachuuf immoo tooftaaleefi malleen adda addaa ittiin barataniifi barsiisan barbaachisaadha. Barachuun immoo karaa idileefi idileen alaan argama. Biyyi keenyas qaroomina addunyaa waliin deemuufi dorgomtuu taatee argamuudhaaf barnoonni daandii sirrii ta'uu isaa amantee fudhachuun ittiin hojjechaa jirti.

Biyyi keenya akkaataa bulchiinsaaf barbaachisaa ta'een naannolee gara garaatiin qoqqoodamtee Kan jirtudha. Naannoleen kunis akkuma akka isaaniitti afaan barnootni ittiin kennamu lamaafi isaa ol Kan qaban ni jiru.Naannolee kana keessaa immoo Oromiyaan naannoo tokkodha. Akkuma naannolee biroo adda addaa aadaa, seenaa, duudhaa, sirna bulchiinsaafi hoj-mataa ishee ni qabdi.Achi keessatti  Uummatni Oromoo mirga afaan dhaloota isaatiin barachuu argatee ittiin barachuudhaan aadaa,safuu,duudhaafi eenyummaa isaa guddifachaa jira.

Afaan Oromoo akka Afaan tokkoffaafi lammaffaatti ni baratama. Kana yommuu jennu ijoolltni dhalatanii jalqaba afaan yommuu hiikan yookiin dubbachuu yommuu jalqaban Afaan Oromootiin afaan hiikkaatanii barnoota Afaan Oromoo baratan Afaan Oromoo akka Afaan tokkoffaatti kan baratan yommuu jedhaman  ijoolltni dhalatanii jalqaba afaan  yommuu hiikan yookiin dubbachuu yommuu jalqaban Afaan Amaaraatiini  ykn  Afaanota dubbataman  birootiin afaan hiikkaatanii barnoota Afaan Oromoo baratan Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti kan baratan jedhamu.Kana jechuun Afaan Oromoo warra akka afaan tokkoffaatti barataniif Afaan dhaloota (mother tounge) yommuu jedhamu warra akka afaan lammaffaatti barataniif garuu Afaan dhaloota (mother tounge) osoo hin taane afaan lammataa jedhama   jechuudha.

Naannoon Oromiyaa iddoo sabaafi sablammoonni addaddaa keessatti argamaniifi keessa jiraatanidha.Kanuma biratti naannoo Oromiyaa keessa jiraatanii afaan dhalootni isaanii garuu Afaan Oromoo kan hintaane immoo Mirgi afaan Amaariffatiin   barachuu eegameefii Afaan Naannoo kan ta'e  ykn immoo Afaan Oromoo immoo akka afaan Lammaffaatti akka baratan ni taasifamu. Akkuma kaayyoo gooroo barnootaa irraa hubannutti afaan barachuu jechuun ogummaawwan afaanii afran dhagahuu,dubbachuu,dubbisuuffi barreesuu ofii guddifachuu

jechuudha.Barattootni Afaan Oromoo yommuu baratan gama ogummaawwan afaanii afraniinuu jechuunis dubbachuu,dubbisuu barreessuufi dhagahuutiin  akkuma gosa barnoota biro hanqinni isaan mudatu ni jiraata.Kuni kanumaan osoo jiru ammaaf garuu xiyyeeffannoon qorataa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti warra baratan dubbisuu afaan kanaa  barsiisuu irratti barattootni maal fakkaatu kan jedhu irratti bal'inaan kan xiyyeeffatedha.

Ogummaan dubbisuu kaniinni guddatu shaakala dubbisuu irra deddeebinee gochuudhaani.Hayyuu Baddiluun (1996:31) irratti "yeroo baay'ee barattootni daree barnootaa keessatti kan dubbisan fedhiin osoo hin taane waan barsiisaan ajajeef yookiin waan kitaaba isaanii irratti barreeffameef qofaadha" jedha. Kana irraa kan nuti hubannu dubbisuudhaaf barattootni fedhii qabaachuu dhabuu isaaniiti. Kanaafuu fedhii isaanii kakaasuu irratti hojiin hojjetamuu qabu hojjetamuutu irra jiraata.

Walumaa galatti Qorannoon kunis xiinxala dubbisa barsiisuu Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuu kana bal'inaan Kan nu hubachiisu dha.

### 1.2 Ibsa naannoo Qorannoo

Qorannoon kun naannoo Oromiyaa Godina addaa Oromiyaa naannawaa Finfinnee bulchiinsa magaalaa Sabbataatti mana barumsaa Sadarkaa 1^ffaa^ Roggeefi Gaammee kutaa 7^ffaa^  barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan irratti akka gaggeeffamu olitti eerameera.Bulchiinsi magaalaa Sabbataa Bulchiinsota magaalaa Godina addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti argaman keessaa ishee tokko dha. Bulchiinsi magaalaa kun sabaafi sablammiiwwan hedduun kan keessa jiraataniifi namootni amantaa garagaraa hordofan walidanda'uufi waliigaluun akkasumas jireenya hawaasummaa mataa isaanii mijeeffachuun kan keessa jiraataa jiranidha.Magaalli Sabbataa Warshaaleefi inveestimantii adda addaatiin kan badhaatee dha. Magaalaa gudditti Finfinneetti dhiyoofi tajaajila geejjibaa mijataa waan qabduuf haalli jireenyaa xiqqoo qaala'insa qaba.

Bulchiinsa magaalaa Sabbataaa Naannoo Oromiyaa; Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti kan argamtuufi haalli  qilleensa ishee badda dareefi jireenyaaf mijataa dha.Kallattii kibba Lixaatiin  daandiin guddaam gara Godina Jimmaa geessu magaalaa kana keessa darba.Magaalaa Sabbataa keessatti Industiriiwwan hedduun waan argamaniif mandara Industirii jedhamuun beekamti.Magaalli Sabbataa karaa kaaba bahaatiin  Magaalaa gudditii  Finfinneetiin;

kallattii Kibba Lixaa,KibbaafiLixaatiin aanaa Sabbataa Awaasiin kan daangeffamtu dha. Magaalli kun Finfinnee irraa kallattii kibba Lixaatiin fageenya kiiloo meetira 25 (digdamii shan) irratti argamti.Magaalli kun magaalaa guddoo biyyattii kan taate Magaalaa Finfinneetti dhiyaattee waan argamtuuf sabaafi sablammoota hedduutu keessa jiraata.Kanaafuu yeroo ammaa kanatti aadaafi duudhaa wal fakkaataa ta'e hin qabu.

*Magaalli sabbataa "sabbata" moggaasa jedhu kan argatte tilmaama adda addaa irraa yoo ta'u hundinuu hiika isaa hinjijjiiran."Sabbata" jechi jedhu jecha Afaan Oromoo yoo ta'u hiikni isaas huccuu qallaa xiyyoo lameeniin kuula qabu kan hawwan ittiin dugda jabeeffatan jechuudha.*

*Mootii Jimmaa kan turan Abbaan Jifaar wayita Finfinnee dhufuuf deeman laga Gibee erga cehanii booda bakka adda addaatti magaalotaaf maqaa moggaasaa sabbata qaqqabaniinu.Hordoftoonni isaaniis deemaa oolanii waan dadhabaniif mooticha isaanii jajjabeessuuf jecha "Finfinnee qaqqabaa jirraatii Sabbata keessan jabeeffadhaa" jedhan.Kanarraa ka'uudhaan Oromoonni yeroo sana turan 'Sabbata' jedhanii waaman jedhama.*

*Magaalichi bara 1936 ALHkan hundaa'e yoo ta'u bara 1972 ALH irraa eegalee tajaajila mana qopheessaatiin buluu akka eegale ragaan ni mul'isa.Yeroo ammaan tana ammo magaalichi wiirtuu sochii Inveestimantii,daldalaafi Turiizimii ta'ee jira.Waliigalli bal'ina magaalichaas hektaara kuma kudhanii ol yoo ta'u gama kaabaafi Bahaatiin magaalaa Finfinnee gama hafan maraan ammo aanaa Sabbataa Hawaasiin daangeffama.Caaseffamni magaalichaas gandoota sagal (9) kan hundaa'e yoo ta'u baay'inni jiraattotaas 350,000 olitti tilmaamama.Kanneen keessas sabaafi sablammoonni adda addaa waliigaltee,kabajaafi jaalalaan waliin jiraachaa jiru.*

### 1.3 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon tokko rakkina mul'atu tokko furuuf, qaawwa jiru duuchuuf yookiin yaada tokko xiinxaluuf akkasumas beekumsa dabalataa bal'inaan argamsiisuuf ni gaggeeffama. Barnootni naannoo Oromiyaa keessatti Afaan Oromootiin kennama.Barattoota Afaan Amaaraa barataniif immoo Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti ni kennama.Kaayyoon Afaan Oromoo akka

Afaan Lammaffaatti barsiisuu kun barattoonni ogummaa qooqaa afran gabbifachuu akka danda'an gochuufi dha.Isaanis dubbisuu,barreessuu,dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii akka guddifatan gochuudha.Haa ta'u malee, ogummaan itti fayyadama barattoota afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti baratanii baay'eetti kan nama gammachiisu miti.Sadarkaa dubbisa dubbisanii ergaa dubbisaa hubachuurra hin jirani. Kun immoo sababiin isaa maal akka ta'e beekamuu qabaata jechuun qorataan qorannoo kanaa qorannoo kana akka gaggeessuuf kakaaseera. Oromiyaa keessatti Barattootni Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti baratan kutaa 5^ffaa^tti jalqabu.Achirraa kaasuun sadarkaa sadarkaadhaan dubbisuu barachuu irratti kaayyoo gooroofi gooreedhaan taa'e kana galmaan gahuun ogummaa qabaniin murteessaafi dirqama abbaa ogummaafi abbaa dhimmaa jechuunis walduraa duubaan barsiisaafi barataa irraa Kan eegamudha. Bu'uuruma kanaan qorannoon Kun dubbisuu barsiisuu barattoota afaan Oromoo akka afaan 2^ffaa^tti baratanii barattoota mana barumsaa sadarkaa 1^ffaa^ Roggeefi Gaammee kutaa 7^ffaa^ keessa jiranii maal akka fakkaatu xiinxalee Kan nuuf ibsudha.

Walumaagalatti qorqnnoon kun gaaffiiwwan armaan gadii deebisuuf kan adeemsifamedha.

- Ga'umsi ogummaa dubbisuu barsiisuu maal fakkaata?
- Qajeelchi barsiisaa hangam isaan gargaaraa?
- Tooftaalee dhiyeessuu barsiisonni ogummaa dubbisuu ittiin barsiisan barattoota kan ofitti harkisudhaa?
- Leenjii barsiisonni fudhatan afaan lammaffaa barsiisuuf ga'aadhaa?

## 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Ogummaa dubbisuu barsiisuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaattii baratanii xiinxaluun kaahuudha.

### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:-

- Ogummaa dubbisuu barsiisuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii irratti hanqina jiru adda baasuu.

- Ogummaa dubbisuu barsiisuu barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii irratti wantoota gufuu ta'an adda baasuu.
- Ogummaa dubbisuu barsiisuu barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii irratti ciminaalee jiran adda baasuu.
- Tooftaalee dhiyeessuu dubbisuu afaan oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuuf nu gargaaran adda baasuu.
- Hanqina adda baafaman irraati yaboo dhiyeessuu.

**1.5 Faayidaa Qorannichaa**

Qorannoon Kun faayidaa qabaachuu danda'u keessaa inni guddaan barsiisonni afaan oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisaniifi Kan dhimmi isaan ilaalu hundi xiinxala qorannoo kanaa irraa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti warra baratan dubbisuu barsiisuun sadarkaa maaliirra akka jiru akka beekaniif gargaara. Dabalataanis ogummaa kana barsiisuun xiyyeeffannoo maalii akka barbaadu ni hubatu.Akkasumas, Ogeeyyotniifi namootni dhimma kana irratti qorannoo gaggeessuu barbaadan yoo jiraatan akka wabiifi madda ragaatti tajaajila jedhamee ti. Bu'aa qorannoo kana irratti hundaa'uun ogeeyyiin dhimmi kun isaan ilaallatu hundi tooftaa dubbisuu barsiisuu cimina qabu itti fufsiisuufi kan hanqina qabullee akka fooyya'u gochuu ni danda'u.

**1.6 Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon kamiyyu yommuu gaggeeffamu haala yaadameefi qulqullina barbaadame qabaachuu qabu qabatee akka gaggeeffamuu danda'uuf daangaa itti gochuun barbaachisaadha. Kanaafuu qorannoon kun naannoo Oromiyaa Godina addaa Oromiyaa naannawaa Finfinnee bulchiinsa magaalaa Sabbataatti mana barumsaa Sadarkaa 1[ffaa] Roggeefi Gaammee kutaa 7[ffaa] barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan irratti qofa kan daangeffamdha.kunis bajataafi yeroo qusachuuf akkasumas akka malee daangaa dhabee bu'aa barbaadamu argachuu akka nama hinrakkisneef yaadamee kan daangaan itti godhame dha.

## 1.7 Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuu irratti hanqinootni gara garaaqorataa mudataniiru.Qorannoon kun manneen barnootaa balchiinsa magaalaa Sabbataa keessa jiraatanii afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti baratan hunda irratti osoo gaggeeffame gaarii ture. Haa ta;u malee qorataan hojii idilee isaanii hojjechaa waan hojjetaniif manneen barnootaa jiran keessaa mana barumsaa Sadarkaa tokkoffaa Roggeefi Gammee barattoota kutaa 7ffaa qofa irratti kan gaggeeffamedha. Kana maleesbarattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan barsiisuu xiinxaluuf tooftaalee adda addaatu jira.Tooftaalee hunda gargaaramuuf immoo rakkoolee adda addaa kan akka hanqina bajataa,sababa dhukkuba koovidii 19 kanaan akka garaa data sassaabbachuu dadhabuu,manni barumsaa sababa weerara dhukkuba kanaan cufamuufaatu turan.

# BOQONNAA LAMA

## Sakatta'iinsa Barruuwwanii

### 2.1 Yaada Rimee Dubbisuu

Ogummaan dubbisuu jiruufi jireenya dhala namaa argama tekinooloojii haaraa yeroodhaa yerootti mul'achaa deemuufi guddina agarsiisaa deemu wajjin walitti hidhamiinsa guddaa qaba.Adeemsa baruufi barsiisuu keessattillee barnoota gosa hundumaayyu barachuuf ogummaan dubbisuu bakka olaanaa qaba.Daa'imman kutaa gadii irraa jalqabanii ogummaa dubbisuu isaanii gabbifachaa akka adeeman gochuun ofitti amanamummaa isaan jireenya isaanii fuuladuraa keessatti qabaniifi qabaachuu danda'an cimsaa deema.Kanaafuu barattootni sadarkaa kamiittiyyu taanaan barachuu isaanii dubbisaan cimsachaa akka isaan deemaniif ogummaa dubbisuu isaan gaafata.Ogummaa dubbisuu barattootaa guddisuuf immoo gaheen barsiisaan ogummaa kana barsiisuu irratti taphatu guddaa akka ta'e beekamaa ta'us hirmaannaan yookiin tattaaffiin barattootas immoo xiqqaadha hin jedhamu.

Dubbisuu irratti hayyootni gara garaa yaada adda addaa kaahaniiru. Isaan kana keessaa Amble and Muehl(1966) "good readers are able to predict what they will read on the basis of their knowledge" jedhu. Kana jechuun barattootni ogummaa dubbisuu irratti ciccimoo dha jedhaman hiika wantoota dubbisanii beekumsa duraan qaban wajjin wal qabsiisuun kan tilmaaman ta'uu isaaniiti. Kana irratti dubbisuun dandeettii yaada adda addaa walitti fiduu kan gaafatu ta'uu isaati.

Haaluma kanaan kutaa kana keessatti xiinxalli ogummaa dubbisuu barsiisuu barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii barattoota mana Barumsa Sadarkaa 1$^{ffaa}$ Roggeefi Gammee kutaa 7$^{ffaa}$ ni gaggeeffama.

### 2.2 Dubbisuu

Hayyuuwwan adda addaa jecha dubbisuu jedhuuf yaada mataa mataa isaanii kennaniiru.Fakkeenyaaf hayyuun Grellet F.(1981:5&63), jedhamu hiika dubbisuu akkaataa armaan gaditti mul'atuun kaahee jira. 'Dubbisuun jechootaafi sagalee jechootaa barreeffamanii sagaleessuu jechaafi himoota barreeffama tokkoo ilaalanii sagaleessuu, barreeffama ilaalanii

hiika barreeffamaa hubachuudhaan adeemsa ergaan barreessaa gara sammuutti itti darbudha' jedhu akkasumas barreeffama tokko dubbisanii hubachuufis ta'e ogummaa dubbisuu ofii cimsachuuf barbaachisaadha jedheera. Kana irraa kan nuti hubannu dubbisuun ergaa dabarsaafi ergaa fudhataan wanta barreeffamaan taa'e tokko jiddu gasleessa isaanii godhachuudhaan daandii dubbisuutiin yaadaa walii hubachuu danda'uu akka ta'e hubanna.

Dabalataanis hayyuun Ross (1998:3), jedhamu "dubbisuun adeemsa odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuufi yaadachuu qofa irratti kan xiyyeeffatu qofa osoo hin taane filannoon kan gaggeeffamuufi yaada argame kan gudunfu dha" jechuun yaada isaanii kaahaniiru.Kana irraa kan nuti hubannu al tokko qofaa itti gargaaramnee kan dhiisnu osoo hintaane adeemsa jireenya keenyaa keessatti wantootni tarkaanfii barbaachisanillee yoo jiraatan murteessaa deemuu nu dandeessisuu isaati.

Akkasumas barreessaan Misgaanuu G.(2011:1),jedhamu "Dubbisuun ergaa barreessaan barreeffama isaa keessa kaahe argachuu;rakkoo hiikuufi ifa gochuudha.Dubbisuun walqunnamtii dubbistootni barreeffama tokko hubachuuf godhanidha.---Dubbisuun adeemsa walxaxaa si'aa'inaan hirmaannaa sammuu dubbisaa barbaadu dha" jedha.Kanarraa kan nuti hubannu dubbisuun hojii sammuu adeemsa karaa barreeffamaatiin osoo qaamaan barreessaa yookiin ergaa dabarsaa hin argiin ergaa waliif dabarsuufi wal irraa fudhachuu ta'uu isaa nu hubachiisa.

Barreessaa Addunyaan (2011:28) dubbisuu akkana jechuun barreessaniiru"Dubbisuun ergaa dhiyaate sana muuxannoo ofiitiin wal qabsiisanii hiikuu gaafata" jedha.Yaada kana irraa akkuma hubachuun danda'amutti ogummaan dubbisuu dubbisa dhiyaate keessaa hiika argachuuf muuxannoo qabnu gargaaramnee beekumsa qabnu dabalachuu yookiin fooyyeffachuu danda'uudha yaada jedhu of keessaa qaba.

Galmeen jechoota Afaan Ingilizii 'Oxford Dictionary' jedhamu dubbisuu akkana jedhee hiika itti kenna."Reading is understands the meaning of written or printed words or symbols."Hima kanarraa Kan nuti hubachuu dandeenyu dubbisuun wanta barreeffamee yookiin maxxanfamee taa'e tokko irraa hiika isaa hubachuu danda'uudha Kan jechudha.

Walumaagalatti dubbisuun gosoota ogummaa afaanii afran keessaa isa tokko ta'ee wanta karaa qaamolee sadiin hojiirra ooludha.Kunis, barreessaa barreeffamaafi dubbisaa dha. Qaamaan walbiratti argama sadeenuu osoo hin barbaadiin barreeffamniifi dubbisaan qofti wal bira

jiraachuudhaan ergaan dabarfamuu qabu barreessaa irraa gara dubbisaatti darbuu danda'uu isaati.Hayyoonni yaada isaanii karaa adda addaatiin haa ibsaniyyu malee ergaan isaan dabarsan kan wal mormu yookiin kan wal irraa fagaatu mit. Kanaafuu akkuma yaada hayyoota kanaa irraa hubannutti dubbisuun ogummaa yaada barreessaan ergaa isaa barreeffama qubeedhaan barreessee kaahe wajjin walqunnamuuti.Qorataan qorannoo kanaa yaada hayyoota kanaa irraa ka'uudhaan dubbisuun adeemsa ergaa barreeffama yookiin maxxansa tokkoo tooftaa dubbisuu gargaaramuun ergaa isaa hubachuu akka ta'e lafa kaa'uu danda'aniiru.

Akka Ruddell(1999) ibsanitti "dubbisuu jechuun barreeffama tokkoof hiika kennuu jechuudha.Dubbisaan barreeffama tokkoof hiika kennuu kan danda'u muuxannoofi ogummaa isaa wantoota barreeffamicha keessatti ibsaman beekumsa barreeffamichaa ilaalchisee qabuufi wantoota jireenya hawaasummaaf waliigaltee namootaa keessatti uumamuu danda'an hunda walitti fiduudhaan ta'a." jedhu.Yaada hayyuu kanaarraa kan nuti hubannu dubbisuun faayidaa kana yoo qabaate kaayyoon dubbisuu barsiisuu barattootni ogummaa kana akka gonfataniif ta'aa jechuudha.

### 2.3 Maalummaa Dubbisuu barsiisuu

Barsiisuu jechuun hubannaa, beekumsaafi ogummaa ofii qaban ykn immoo kallattii adda addaan argatan qaama birootiif qooduu jechuudha.Dhalli namaa karaa adda addaa beekumsa argachuu ni danda'a. Kunis gosaafi faayidaan adda ta'uu ni mala. Fakkeenyaaf yoo kaasna jennee dhaggeeffachuudhaan,Dubbisuudhaan, qaqqabachuudhaan, ilaaluudhaan, dhandhamuudhaaniifi kkf beekumsa qabu gabbifachuu yookiin kan hinbeekne barachuu ni danda,a.Sanas ta'e kana kaayyoon barachuu kanaa mataa keenya irraa kaasee naannoo keenya,biyya keenyaafi addunyaa mara akka hubannuf nu gargaara.

Dubbisuu barsiisuu jechuun qaamni ibsa gochuu danda'u osoo hin jiraatiin barreeffama qubee afaan Oromootiin qindaa'ee taa'e tokko ergaa qaamni barreesse dabarsuu yaadeef barbaade dubbisuudhaan sirriitti hubachuu akka danda'aniif ogummaa itti horuu jechuudha. Qorannoon kun egaa adeemsi raawwii hoji kun bu'aa maalii argamsiisaa jiraa? Akkamiin itti deemamaa jiraa? Kan jedhu gadi fageenyaan akka ilaallu nu godha. Keessumattuu Afaan Oromoo akka afaan 2ffaatti kan baratan dubbisuu irratti maal akka isaan fakkaatan ilaalla.

## 2.4 Faayidaa Dubbisuu

Dubbisuun jireenya ilmaan namaa keessatti faayidaa guddaa qaba. Sababii qorataan kana jedhuuf namni ogummaa dubbisu qabu tokko wanta dubbiffamu yoo argate barsiisaa malee barachuu, hiriyyaa malee odeessuu, qofuma isaa bashannanuu, geejjiba malee yaada sammuutiin bakka fagoo deemuufi kkf raawwachuu ni danda'a.Akkasumas wanta ijaan argamee hin beeknellee dubbisuudhaan fakkaattoo isaa sammuu keessatti bocatanii ilaaluun ni danda'ama. Akka Wiener Bazerman (1999) barreessetti 'Barattootni wantoota dubbisa tokko keessatti ibsamuu danda'u akka dursanii mata duree tokko bu'uura godhachuudhaan ergaa darbu gadfageenyaan xiinxaluu jechuudha' jedha. Kana irraa kan nuti hubannu Ilmi namaa hanguma dubbisu jireenyi isaa, amallifi beekumsi akkasumas ilaalchi isaa jijjiiramaa deemuu isaati.

Barreessaa Darajjee (1998:69) n akka ibsutti "Adeemsa mana barumsaa keessatti barnoota garagaraa kennamu hojiirra oolchuus ta'e addunyaa mana barumsaatiin alatti jiru keessatti gaheen dubbisuu baay'ee olaanaadha." Akka yaada barreessaa kanaa irraa hubachuun danda'amutti dubbisuun iddoodhaan Kan hin daangeffamneefi baay'ee barbaachisaa kan ta'e ta'uu isaa ti. Dubbisuun yeroo hundumaa addunyaa ammayyaawaa deemtu kana wajjin meeshaalee wal nu quunnamsiisuu danda'an keessaa isa tokkodha.Ogummaa dubbisuu barachuu irra jireessa barnoota gosa barnoota afaanii keessatti haa kennamuyyu malee gosa barnootaa hunda keessatti baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa nu hubachiisa.

Barreessaa Misgaanuun akka barreeffama isaanii keessatti ibsanitti ogummaan dubbisuu sadarkaa barnootaa gadaanaatii ka'ee xiyyeffannoo guddaan itti kennamuun kan baratamuufi xiyyeeffannoon baratamuu kan qaba dha erga jedhaniin booda Namid (2005) waabeffachuudhaan at primary level all teachers must be teachers of reading jechuun barataan sadarkaa gadaanaatti mala dubbisuu hunda to'atee yeroo sadarkaa olaanaarra gahu ni milkooma jedhu.Kanarraatii kan nuti hubannu jalqabbiin gaariin xumuraaf aggaammii gaarii ta'uu isaati.Dubbisuun odeeffannoo addaa addaa karaalee garagaraa maxxanfamanii bahan argachuuf gargaara.

Walumaa galatti faayidaa dubbisuun qau hangana ta'uu erga barree dubbisuu barsiisuun barbaacvhiosaa ta'uun Kan walnama falmisiisu miti.Kana bu'uura godhachuudhaan qorataan

adeemsa qorannoo kana keessatti ogummaa dubbisuu barattootaa afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii xiinxalee lafa kaaheera.

## 2.5 Gosoota Dubbisuu

Dubbisuun akaakuu yookiin gosa adda addaa ni qaba. Kana irratti hayyootni adda addaa yaada isaanii akka armaan gadiitti kaahaniiru. Hayyuu Misgaanuu G. (2011:1)n kitaaba isaa keessatti “dubbisuun dubbisa sagaloofi dubbisuu callisaa jedhamee bakka lamatti qoodamaa” jedhanii lafa kaahaniiru.Hayyuu Getaachoo (2001) nis dubbisuun gosoota lama qaba jedhanii barreessaniiru.Isaanis:-

a. Dubbisa sagalee kan jedhamu sagalee ol kaasanii akka dhaggeeffatootatti dhagahamutti yookiin immoo dhaggeeffataan osoo hin jiraatiinis ofumaa hubachuuf jecha dubbisuufi
b. Dubbisa callisaa Kan jedhamu immoo osoo sagalee hin dhageessisiin dubbisa gaggeeffamu dha. Yaada ka’e kana irraa Kan hubannu akaakuu adda addaa haa qabaatuyyu malee kaayyoon isaa garuu tokkodha. Innis ergaa karaa barreeffamaan qaama birootiin waraqaa irra taa’e tokko ergaa dabarsaan yookiin barreessaan osoo hin jiraatiin ergaa ergaa dabrsaa hubachuu danda’uudha.

Akkaataa ergaa hayyoota kanaa irraa hubachuun danda’amutti dubbisuun akaakuu adda addaa haa qabaatuyyu malee kaayyoon dubbisuu garuu ergaa barreeffama Sana keessatti darbe hubachuu danda’uu ta’uu isaa ti.

## 2.6 Kaayyoo Dubbisuu

Hojiin hojjetamu kamiyyu yommuu hojjetamuuf ka’u kaayyoo galma gahuuf deemu Kan mataa isaatii ni qabaata. Dubbisuunis ogummaa mataa isaa danda’e ta’ee kaayyoo dubbisuu qaba.Isaan keessaa:-

Inni tokko jireenyaaf dubbisuu yommuu ta’u kana jechuun jireenyi dhalli namaa dirree qabsooti. Qabsoo jireenya mo’achuufi mo’achuu dadhabuu.Kanaafuu tajaajilamuufis ta’e tajaajila argachuudhaaf dubbisuun baay’ee barbaachisaadha.

Inni lammaffaan barnootaaf dubbisuudha. Kana jechuun beekumsa gadfagoo argachuufi beekumsa dabalataa horachuuf jecha dubbisuun barbaachisaadha. Dubbisanii barachuun iddoo, sadarkaa barnootaa, umriifi kkf Kan daangeffamu miti.

Inni biroon immoo bashannanaaf dubbisuudha.Kana yommuu jennu dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti wantoota isa boharsan ni barbaada. Karaa bohaartiin argamu keessa inni tokko immoo barruulee sammuufi qaama namaa bashannansiisuu danda'an dubbisuudha. Dubbisanii bashannanuuf immoo dubbisuu barachuun murteessaadha.

Barruun kuusaa yaadannoo leenjii barsiisota Afaan Oromoo jedhu dubbisuu yommuu ibsu "Namoonni hedduun dubbisanii hubachuu jechuun dubbisuu qofa jedhanii yaadu.Sababiinsaa kan dubbifamuuf ergaa dubbisaa hubachuufidha.Hubannoon dubbisuu jedhu ogummaa barreeffamaa tokko dubbisuu,adeemaa hubachuufi hiika itti kennuuti.Kunis adeemsa dubbisuu walxaxaa ta'edha.Galmi guddaan dubbisuu hika dubbisa keessaa argachuu waan ta'eef barsiisonni afaan dhalootaa hubannoo dubbisuu barsiisuuf xiyyeeffannoo barbaachisaa kennuufii qabu.Ogummaan kun caacullee dubbisuu arfan armaan olii hirmaachisuun alatti xiinxallii waliigala dubbisaa gaafata." Jedha. Kana jechuun dubbisuun xiyyeeffannoo guddaa barbaaduufi adeemsa mataa isaa danda'e qabaachuu isaa agarsiisuu isaa ti.Afaan tokkoffaafi afaan lammaffaan dubbisuu barsiisuun garaa garummaafi tokkummaa mataa isaa danda'e qaba. Hayyuun kiraashiyaan jedhamu yommuu ibsu karaaleen jalqaba afaan ittiin baratamu wal fakkaataa osoo ta'uu baates karaaleen daa'imman afaan tokkooffaa issanii ittiin hubatan adda ta'uu mala Krashen,S 2009). Dabalataanis yommuu ibsan Afaan tokkoffaafi lammaffaan immoo garaagarummaa saffisaan barachuu, hiika jechootaa hubachuufi kaka'umsiifi fedhi ittiin baratanillee adda adda ta'uu isaa lafa kaahu.

## 2.7 Dubbisuu barsiisuu keessatti gahee hojii barataafi gahee hojii barsiisaa

Kutaa barnootaa keessatti ogummaa dubbisuu barattootaa fooyyeessuuf barsiisuuf meeshaaleen itti fayyadamnu keessaa tokko kitaaba barataadha.Barreeffamootni kitaaba barataa keessatti ogummaa dubbisuu barsiisuuf dhiyaatan barattoota kan hawwataniifi ofitti harkisan ta'uu qabu.Haala kana hayyuu Wiliam.(1984) akka jedhutti barreeffamni dubbisuu barsiisuuf kitaaba barataa keessatti dhiyaatu sadarkaa sadiin qoodamee barreeffamuu qaba.Isaanis sadarkaa dubbisa duraa wayita dubbisaafi dubbisa booda jechuun ibseera.

Adeemsa baruufi barsiisuu kutaa Afaan Oromoo keessatti dubbisuun haala gaariin akka adeemsifamuuf barataafi barsiisaan waliigalteen hojjechuufi dubbisoonni akka dubbifamaniif kitaaba barataa keessatti dhiyaatan mijaa'oo ta'uu qabu.Kanaaf immoo barataafi barsiisaan gahee sirnaan bahachuu qaban ni qabu.

Dubbisuu barsiisuu osoo hin kaasiin dura qorataan qorannoo kanaa barsiisuu irratti yaadota tokko tokko kaahuun barbaachisaadha jedhanii amananiiru. Barsiisuun kan hin beekamne tokko akka beekan gochuufi kan beekan tokko irratti immoo beekumsa dabalataa argatanii beekumsa duraan qaban gabbifachuu jechuudha.Adeemsi baruufi barsiisuu kana kan of keessatti qabatu ta’ee bal’inaan immaammatni barnootaa yeroo ammaa biyyi keenya hordofaa jirtu barataa kan jiddu galeeffatedha.Asi keessatti barataan ofii isaatii shaakala barataa jechuudha.Kana yommuu jennu hirmaannaan yookiin hojiin harki caalaan abbaa dhimmaa kan ta’e barataadhaan kan hojjetamudha jechuudha.

Adeemsi dubbisuu barsiisuu qaama lamaan kan gaggeeffamudha.Isaanis barsiisaafi barataadha. Isaanis gahee hojii mataa mataa isaanii ni qabaatu. Akka Geetahuun D. (2016), akka barreessanitti

**a. Gaheen Barsiisaa**

Barsiisaan/tuun qabiyyee barattoota isaanii barsiisuuf qabatanii dhiyaatan barattootni shaakalanii akka dhiyeessan taasisuudhaan deeggarsa gochuu.Akka fakkeenyaattis wantoota barattootni irraa barachuu danda’an agarsiisuun yeroo isaaniif kenname keessatti xumuran to’annaafi hordoffii gochuu.Barattootnis haala qajeelfama isaanii kennameen hojii isaanii galmaan gahuufi gahuudhiisuu isaanii madaalaa deemu.Barnoota dubbisuu barsiisuu keessatti barsiisaan barattootni tattaaffii mataa isaaniitiin ogummaa dubbisuu akka gabbifatan jajjabeesuu dha.Dhimma kana irratti Nuttal (1982) barsiisonni wanti gochuu qaban barreeffamoota(text) barattootaaf mijaa’oo ta’an filachuun gilgaalota qalbii barattootaa hawwachuu danda’an qopheessuun akka barattoonni ogummaa dubbisuu irratti shaakalan gochuudha.Kana malees,barattoonni ogummaa dubbisuu akka gabbifatan haala hammayyoomeen barnoota dubbisuu dhiyeessuufi barattoonni kutaa barnootaan ala akka barreeffamoota adda addaa dubbisan gorsuun gahee barsiisaa isa olaanaadha.

**b. Gaheen Barattootaa**

Barattootni waan dubbisan tokko keessaa ergaa isaa akka hubatan gochuudhaaf hojiin hojjetamuu qabu jira. Barruu kuusaa yaadannoo Leenjii Barsiisotaa jedhu irratti “Ogummaan dubbisuu galma ga’uu kan danda’u barattootni dubbisanii hubachuu yoo danda’anidha.Hubannoon ogummaa hubachuu,ibsuufi waan dubbisan itti fayyadamuudha.Kanamalees galma ijoo dubbisuuf barachuu ti.Hubannoon barreeffamoota

caacculee dubbisuu hunda walitti qindeessuu irratti hundaa'a.Kunis kaayyo lama qaba.Isaanis Barattootni tooftaalee waan dubbisan hubachuu barsiisuufi barsiisaan barattootni waan dubbisan hubachuu isaanii akka beekaniif" jedha. Yaadni kun barsiisaan barsiisus ta'e barataan baratu kaayyoo dhimma baratu sanaa sirriitti beekee barachuunis ta'e barsiisuun bu'aa qabeessa akka taanuufi firii bu'aa keenyaas kaayyoo keenya irratti hundaa'uun madaaluu akka dandeenyu nu gargaara.

Barattoonni dubbisuun yommuu kutaa keessatti dhiyaatu barattoonni hirmaannaa cimaa gochuutu irraa eegama.Kana malees barattoonni cimdiin ykn gareen ta'uun gilgaalota dubbisa duraa,wayita dubbisuufi dubbisaan booda jiran irratti sirriitti shaakaluu qabu.Williams (1986) barattoonni barnoota dubbisuu yommuu baratan kutaa keessatti gahee isaanirraa eegamu dhuunfaafi cimdiin yookiin gareen ta'uun hojii kennameefii raawwachuun isaanirra jiraataa jechuun yaada olitti ka'e cimsa.Richard(1990) immoo gaheen barattootaa maal maal ta'uu akka qabu akka armaan gadiitti tarreesseera.Isaanis:-

- Hirmaannaa cimaa gochuu
- Gilgaalota kennaman hiyoota waliin ta'uun hojjechuu
- Barnoota barachuuf of qopheessuu

Akka yaada hayyoota kanaa irraa hubachuun danda'amutti yommuu barnootni dubbisuu barattootaaf dhiyaatu wanti barattootarraa eegamu kan jiruufi bu'aa qabeessuummaan barachuus hirmaannaa isaanii irratti hundaa'uu isaa ti.

Kutaa barnootaa keessatti argamuun isaanii barachuuf ta'uu isaa sirriitti hubachuun haala kamiin barsiisaan qajeelfama akka kennu dhaggeeffachuun hojii isaanii kenname qulqullinaan raawwachuu.Waan barsiisaan kennuufii shaakaluu, Waan barsiisaan kennuufii agarsiisuun gahee barataa barnoota baratu tokko irraa Kan eegamudha jedhanii barreessaniiru. Kanarraa kan nuti hubannu hirmaannaan qaamolee kana lamaanii baay'ee barbaachisaa tahuudhaafi milkaa'ina kaayyoo kanaatiif gaheen hojii lamaan isaanirraa eegamu murteessaa ta'uu isaa ti.

### C. Gahee Dubbisoonni Dubbisuu barsiisuu qaban

Kaayyoon dubbisuu inno tokko barattoonni of danda'anii barreeffamoota adda addaa akka dubbisanii ergaa barreeffamichaa hubachuu danda'an shaakalsiisuufi dandeessisuu dha. Kunis akka milkaa'uuf dubbisoonni hawwatoo ta'aniifi dalagaalee sonaan qophaa'an baay'ee

barbaachisoodha.Kanaafuu barreeffamoota dubbisaaf dhiyaatan kaayyoo keenyaaf galma nu geessisu jennee garanumaa itti yaaduun qopheessuu ykn filachuun nutty jiraata.

### 2.8 Adeemsa Ogummaann dubbisuu ittiin barsiifamu

Barattoota barsiisuun tooftaalee adda addaa Nama gaafata. Akkasuma dubbisuu barsiisuunis adeemsa yookiin tooftaa mataa isaa ni qabaata. Ogummaa dubbisuu barsiisuuf gochaaleen irratti xiyyeeffatamuu qaban jiru. Gochaaleen kunis dubisa dura, yeroo dubbisuu fi dubbisuun booda jedhamanii bakka sadiitti qoodamu. Duraan dursee barsiisaan tokko barattoota isaa bira osoo hin gahiin dursee meeshaalee ogummaa dubbisuu barsiisuuf isa gargaaran qopheeffachuun irraa eegama.

Shaakalli dubbisuu barsiisuu ogummaa dubbisuu barattootaa guddisuuf dha.Akkasumas, gochaan kunis waan barreeffame bu'uura godhachuun Kan hojjetamu waan ta'eef barruun akka ittiin barataniif isaaniif kennamu sirnaan qindeeffamuutu itti jiraata.Kunis sababni isaa barataan afaanii gargaarsa duubaa yoo hin qabaanne dalagaa tokkotti seenuun baay'ee isa rakkisa. Barattoonni osoo dubbisuu hin jalqabiin  dura waa'ee mata duree barruu akka dubbisa irratti shaakalaniif isaaniif kennamee hanga tokko beekuu qabu.kanaafuu barruun barataaf dhiyaatu muuxannoo isaaniin kan wal qabate ta'uu akka qabu barsiisaan beekee qopheessuutu itti jiraata.

Gochaan dubbisuu ogummaa dubbisuu cimsachuuf shaakaloota garaa garaa barattootni keessa darban yommuu ta'u, yaadrimee dubbisuu dursanii hanga tokko hubachuun barbaachisaa dha.

Itti aansuudhaanis gaaffilee gilgaala sadarkaalee dubbisuu adda addaa sadeeniif ta'u qopheeffachuun barbaachisaa dha. Barsiisaan wayitii daree keessatti barattoota dubbisuu barsiisuuf gara kutaatti seenee barsiisuu isaa yommuu eegalu yookiin jalqabu dursee dubbisa qopheesse barattootaaf osoo hin raabsiin maal gochuu akka qaban qajeelfama ifaafi hundi isaanii qixa tokkoon hubachuu danda'an kennuun jalqabsiisuun barbaachisaa dha.

#### 2.8.1 Sadarkaa Dubbisa duraa (Pre-reading)

Sadarkaa kana keessatti mata duree dubbifamu barattootaan walbarsiisuuf qabxiilee armaan gadii kanneen barattoota hubachiisuun yeroo itti fedhii barattootaa kakaasnuufi mata duree dhiyaate irratti hubannoo isaanii akka lafa kaawwachuun si'aayinaan gara dubbisaatti seenan goonudha.

- Kaayyoo dubbisa kana dubbisaniif itti himuu
- Waa'ee mata duree isaaniif dhiyaatee hubannaa qaban akka dubbatan gochuu
- Jechoota haaraa hubannaa isaanii daangessu jedhamee tilmaamame muraasa itti himuu

### 2.8.2 Wayita Dubbisuu (while reading)

Sadarkaa kanatti gaheen barsiisaan qabu  hoogganuufi haala mijeessuu dha.Yeroon kun yeroo barattoonni kallattiidhaan dubbisa dubbisuun odeeffannoo dubbisichaafi ergaa barreeffamichaa itti qayyabataniifi beekumsa duraan qaban waliin wal simsiisataniifi hiika jechoota haaraa galumsa isaaniitiin tilmamani  dha.

### 2.8.3 Dubbisa Booda (post reading)

Yeroo dubbisa kanaa jalatti immoo barsiisaan qabxiilee kana raawwachuufi raawwachiisuun barsiisuu qaba.

- Yaadaisaanii akka ibsan gochuudhaan hubannoo barattootaa madaaluu
- Yaadni dubbisicha keessatti dhiyaate muxannoo isaanii waliin akka walqabsiisan ibsan gochuu.
- Gaaffilee dubbisa keessaa bahan  irratti barattootni akka waliin mari'atan gochuu.
- Barattootni deebii isaanii akka kutaaf gabaasan gochuu.
- Barsiisaan deebii qindaa'eefi ifa ta'e gabateerratti barreessuun hubannaa walfaakkaatu akka qabaatan gochuu fi.

Kana bu'uura godhachuudhaan qorataan qorannoo kanaa dubbisuu barsiisuun barattoota afaan oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii maal akka fakkaatu xiinxalee lafa kaahee jira.

## 2.9 Akkaataa Dubbisuun ittiin Barsiifamu

Barattoota ogummaa dubbisuu gara garaa fayyadamanii dubbisuu barsiisuuf hojii barsiisota irraa eegamu guddaadha. Barsiisaan/tuun  abbaa/haadha barattootaa waan ta'aniif akkaataafi tooftaa ijoolleen isaanii ittiin dubbisuu barachuu danda'an filuun itti gargaaramanii barsiisuu qabu.Barreessaa Misgaanuun (2011) barreeffama isaanii keessatti Dubbisuun tarsiimoo adda addaa akka qaba lafa kaahaniiru.Isaan keessaa akka fakkeenyaatti kaasnee akka armaan gaditti ibsamaniin ilaaluu ni dandeenya.

### 2.9.1 Gadfageenyaan dubbisuu

Gadfageenyaan dubbisuun tarsiimoo dubbisuu keessaa isa tokko ta'ee yaadni ijoo ergichaa maal akka ta'e hubachuuf jecha barruu tokko hubannaa guutuu keessa seensnii dubbisuudha. Adeemsa dubbisuu kana keessatti odeeffannoofi yaadonni barreeffama tokko keessatti dhiyaatan wal qixa ta'uu dhiisuu isaanii hubanna.Tarsiimoon dubbisuu kun hiika dimshaashaafi murtaa'aa barruu keessaa ifa gochuuf gargaara.Yaada kana Hedge (2000) yommuu ibsu intensive reading is of reading that concerned with looking at a text carefully for the purpose of choosing precise words of phrases jechuun barreesseera.Tarsiimoo dubbisaa kana keessatti akka hin dagannetti qalbeeffachaa sammuutti qabachuun suuta dubbisaa deemuun tooftaa odeeffannoon adda addaa kaayyoo murtaa'e tokkoo ittiin argamudha.

### 2.9.2 Bal'inaan dubbisuu

Bal'inaan dubbisuunis tarsiimoo dubbisuu keessaa isa tokko ta'ee gadfageenyaan dubbisuu kan gaafatu osoo hin taane dhimma of gammachiisuufi of bashannansiisuuf dubbisanidha.Hayyuun Thompson (2001) extensive reading is a reading of books and magazines meant for pleasure, to obtaininformatin or to satisfay interest jechuun barreessaniiru.Tarsiimoon dubbisuu kun barattootni daree barnootaan alatti of danda'anii akka dubbisan gochuudhaaf gahee guddaa qaba.

### 2.9.3 Saffisaan dubbisuu

Saffisaan dubbisuunis tarsiimoo dubbisuu keessaa isa tokko ta'ee yeroo gabaabaa keessatti dubbisa dheeraa tokko waliin gahuuf gargaara.Yaada kana Nuttal (1982) yommuu ibsitu there is no doubt that reading speed and comprehension are closely linked jetti.Kana irraatii yaadni nuti hubannu saffisaan dubbisuufi hubannaa ergaa sanaa qabaachuun baay'isanii walitti dhufeenya qabaachuu isaaniiti.Faallaa yaada kanaatiin immoo Nuttal Avery slow reader is likely to read with poor understanding,if only because his memory is taxed.Barruudhuma kana irratti Research has shown that one of the main characteristics of a good reader is his flexibility.He will vary his speed and his whole manner of reading according to the text and according to his purpose in reading it jechuun barreessiteetti. Yaada kanarraa akkuma hubachuun danda'amu namni dubbisa dubbisu kaayyoofi akaakuu dubbisa dubbisuu irratti hundaa'uun saffisa dubbisuu jijjiiruu danda'uu isaaniiti.Dubbisuu keessatti kaayyoon inni guddaan garuu saffisaan dubbisuu osoo hin taane ergaa barreeffamicha keessatti darbe hubachuu danda'uudha.Saffisaan dubbisuun kaayyoo

isaa faana barbaachisaa ta'uu isaa hubachuun barsiisaan dubbisuu barsiisu/tu dubbisa jechoota haaraa hin qabne filachuun barattootni akka sirriitti shaakalan gochuun isaanirraa eegama.

Tooftaan dubbisaa kun odeeffannoo dimshaashaa barruu tokkoo argachuuf baay'ee faayidaa qabeessa waan ta'eef qorannoo gaggeessuudhaaf dubbisaa yaadannoo qabachaa deemuun itti gargaaramuu ni dandeenya.Dabalataan barruu biraa irratti Nuttal (1982) yommuu ibsitu skimming means glancing rapidly through the text to determine the gist of the reading text.It is mainly concerned is with identifying key topics, main ideas or the overall theme of the text jetteetti.Kun saffisaan dubbisuun yaada ijoo dubbisichaa qofa hubachuu irratti xiyyeeffachuu isaa nu agarsiisa.

**2.9.4 Sakatta'aan dubbisuu**

Sakatta'aan dubbisuunis tarsiimoo dubbisuu keessaa tokko ta'ee tooftaa odeeffannoo ijoo yookiin murtaa'oo ta'an dubbisa keessaa baafachuuf ittiin gargaaramnudha.Nuttal (1982) yommuu yaada kana ibsitu By scanning we mean glancing rapidly through a text either to search for a specific picece of information (eg. A name,a date),or to get an initial impression of whether the text is suitable for a given purpose jechuun barreessiteetti. Yaadni kun odeeffannoo barbaannu barruu keessaa argachuuf yommuu dubbisnu akka yeroo biraa yeroo dheeraa irratti dabarsuun dubbisna osoo hin taane kan barbaannu sana qofa argachuuf irra fiiguun akka barreeffama tokko ilaallu nu hubachiisa.

Walumaa galatti dubbisuun tarsiimoowwan dubbisuu adda addaa olitti ka'an haa qabaaatuyyu malee kaayyoon waliigalaa isaa garuu naanna'ee naanna'ee tokkodha. Innis ergaa barreeffama tokko keessatti dhiyaate hubachuu danda'uudha. Kuni immoo beekumsa dabalataa argachuufis ta'e bashannanuuf akkasumas beekumsaafi yaada ofii babal'ifachuuf dubbisuun barbaachisaadha. Barbaachisummaan dubbisuu hangana ta'uu isaa erga hubannee dubbisuu barsiisuu irratti xiyyeeffannoon kennamuu qabu guddaa ta'uu isaa nutty agarsiisa.

**2.10 Kaka'umsaan barachuu barattootaa**

Barumsa gosa barnootaa kami keessattiyyu kaka'umsaan barachuun barattootaa murteessaafi barbaachisaadha.Kaka'umsa ilaalchisee hayyoonni garagaraa yaada adda addaa kaasanii jiru. Isaan keessaa Spolsky (1989) kan jedhamu kaka'umsi wantoota ijaan hin argamneefi hiika

murtaa'aa kan hin qabne; garuu hiika qabeessa kan ta'u bu'aa inni barumsa keessatti qabuun ibsa.Yaada isaanii kanarraa akkuma hubachuun danda'amutti kaka'umsa namni tokko qabu kallattiidhaan madaaluu kan danda'amu firii bu'aa hojii isaarraa ta'uu isaati..Kanarraa kan nuti hubannu kaka'umsi human gara kaayyoo yaadame tokkootti nu geessuu danda'u ta'uu isaati.

Bu'uuruma kanaan afaan barachuu keessatti kaka'umsaan barachuun bu'aa gaarii kan argamsiisuu danda'u ta'uun isaa beekamee barattoonni afaan Oromoo akkaa afaan lammaffaatti baratan yommuu dubbisuu baratan kaka'umsaan barachuun isaanirraa eegama.Dabalataan hayyuun Harmer (1991) barruu isaa keessatti Motivation is some kinds of internal drive that encourages somebody to purposire a course of action jedhaniiru. Kana jechuun kaka'umsi dammaqina miiraa ta'ee namni tokko osoo walirraa hin kutiin hojii hojjetu keessatti rakkooleen osoo mul'atanillee fiixaan bahiinsa hojii sanaatiif barbaachisaa ta'uu isaati.

### 2.11 Gufuuwwan Ogummaa dubbisuu Barsiisuu keessatti Mudatan

Hojiin hojjetamu tokko gara raawwiitti yommuu seenamu haalli hundi mijataadha jechuun hin danda'amu. Akkasuma ogummaan dubbisuu kutaa keessatti yommuu barsiifamus wantootni milkaa'ina kaayyoo keenyaatiif gufuu ta'an ni jiru. Isaan keessaas muraasa isaanii ilaalla yoo jenne Ilaalcha Barataafi Barsiisaan Dubbisuu irratti qaban,Barsiisonni Dubbisa Barsiisuuf Leenjii Gahaa Dhasbuu,Dubbisoonni kitaaba Barataa keessatti dhiyaatan kan kutaa sana hin madaalle ta'uu,Gilgaalonni gahoon barattoonni akka ogummaa dubbisuu isaanii irratti shaakalan gahaa ta'uu dhabuu dha.

#### 2.11.1 Dubbisuu irratti Ilaalcha Barataafi Barsiisaan qaban

Ogummaawwan afaaniis ta'e dubbisuu irratti barattoonni ogummaa isaanii gabbifachuu kan danda'an waan hojjetan sana irratti ilaalcha gaarii yoo qabaatanidha.Cook (2001) yommuu yaada kanarratti ibsu barattoonni ilaalcha gaarii qaban afaan lammaffaa barachuun muuxannoofi ogummaa haaraa dabala jedhanii yommuu yaadan barattoonni ilaalcha gaarii hinqabne immoo afaan lammaffaa barachuun akka waan isaan miidhuu ykn ogummaa isa duraan qaban akka isaan duraa badutti yaadu jedheera.

Dabalataanis akka Lambert (1972) jedhetti fedhiin barattoonni ilaalchawwan isaanii garee biro irratti qaban milkaa'ina barumsa afaan isaanii ni murteessa.Barachuuf yaadni kaka'umsaa kan

murtaa'u ilaalchawwan isaan barsumsa irratti qabaniin jechuun ibseera. Kanaaf barattoonni barachuuf ilaalcha gaarii qaban milkaa'oo ta'u.

Barsiisaanillee barattoota isaa barsiisuudhaaf ilaalcha qajeelaa ta'e qabaachuu qaba.Sababiin isaas fedhii malee kan barsiisu yoo ta'e bu'aan inn argamsiisus quubsaa hin ta'u dabalataanis hamilee warra baratuullee gadi buusa. Kanaaf barsiisaan bu'aa qabeessummaa hojii isaaniitiif barattoota isaa dammaqinaafi fedhii guddaan barsiisuu qaba.

### 2.11.2 Barsiisonni Dubbisa Barsiisuuf Leenjii Gahaa Dhasbuu

Hojiin kamiyyu bu'aa qabeessa kan ta'u ogeessa ogummaa hojii sana qabuun yoo raawwatamedha.Barsiisuunis kaniinni bu'aa qabeessa ta'u barsiisota ogummaa barsiisummaatiin leenji'aniin yoo barsiifamedha.Barsiisonni dubbisuu barsiisuuf imaammata barnootaa waliin kan wal simu leenjii gahaa qabaachuu qabu.Widdowson (1991) Kitaabni akka kaayyoo barumsa jabanaatti yoo qophaa'eyyu barsiisaan akka haala kaayyoo kitaabichi qophaa'etti mala barsiisuu jabanaatti fayyadamuun barnoota sana barattootaaf yoo dabarsuu baate qophaa'inni kitaabichaa qofti gahaa mitii jedhaniiru.Kana malees barumsa dubbisuu barsiisaan akka gaariitii kennuuf sadarkaa barumsaafi ogummaa gahaa ta'e qabaachuu qaba.Kana ta'uu baannaan barattoonni rakkoon ogummaa dubbisuu gabbifachuu akka isaan mudachuu danda'u garanumaa tilmaamuun ni danda'ama.

### 2.11.3 Dubbisoonni kitaaba Barataa keessatti dhiyaatan kan kutaa sana hin madaalle ta'uu

Kaayyoon dubbisuu barsiisuu barattoonni of danda'anii barreeffama adda addaa dubbisanii ergaa isaa hubachuu akka danda'an shaakalsiisuufi dandeessisuu akka ta'e olitti eerameera. Kanaafuu galma gahiinsa kaayyoo kanaatiif immoo dubbisa sammuu barataatti qabachuu danda'uufi hawwataa ta'e qopheessuun baay'ee barbaachisaadha. Yaada kana Nuttal (1982:21) yommuu ibsu "This requires encouragement that comes from success and success interms from text that are suitable and tasks are well devised" jedhaniiru.Kanaafuu dubbisni dubbisuu barsiisuuf kitaaba barataa keessatti dhiyaatu galma ga'uu kaayyoo dubbisuu barsiisuutiif murteessaa ta'uun isaa osoo yaadamuu ta'uu dhiisuun miidhaa fida.

### 2.11.4 Gilgaalonni gahoon barattoonni akka ogummaa dubbisuu isaanii irratti shaakalan gahaa ta’uu dhabuu

Gilgaalotni kitaaba afaan Oromoo keessatti dhiyaatan barattoonni ogummaa isaanii akka gabbifataniif shaakala garagaraa Kan irratti gaggeessaniif Kan qophaa’anidha.Gilgaalotni dubbisuu barsiisuuf qopheessinu Kan jijjiiramuu danda’u, Kan haalota adda addaa keessatti fayyadu fi Kan barattoota hunda jiddu galeessa godhate ta’uu qaba.

Dabalataanis beekumsa hiika jechootaa,qindoomina yaadaafi walduraa duuba ergaa dubbisichaa,ogummaa gaaffilee dubbisa keessaa bahaniif deebii kennuu,dandeetti yaada cuunfaa dubbisichaa kennuu,haala qindeeffama dubbisichaa addaan baasuufi barreeffamicha barreessaan maaliif akka barreesse addaan baasuuf kan gargaaru ta’uu osoo qabaatuu ta’uu dhiisuun miidhaa guddaa qaba.

# BOQONNAA SADII

## Saxaxaafi Mala Qorannichaa

Boqonnaa kana jalatti qabxiileen ka'an saxaxa qorannichaa, tooftaa funaansa ragaalee, mala iddatteessuufi tooftaawwaan xiinxala ragaalee kan qabate yommuu ta'u kutaa baay'ee murteessaafi barbaachisaadha.

### 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoo qorannoo kanaaf taa'e milkoofsisuuf ykn galmaan gahuuf qorataan gosa qorannoo akkamtaa fi hammamtaa jechuunis makoo fayyadameera. Sababnisaas qorannoo kana keessatti odeeffannoon guurame yookiin walitti qabame ibsaafi lakkoofsaan hiika Kan argate waan ta'eefidha.Gosa qorannoo akkamtaa keessatti odeeffannoon guurame akka hammamtaa lakkoofsaan osoo hin taane jechaan ibsuudhaan Kan hiika argatu dha. Hayyuu Dastaan (2002:20) irratti "Qorannoon mala akkamtaan gaggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin ykn mala ibsaatiin dhiheessa"jedhanii ibsaniiru.Yaada kanarraatii Kan nuti hubannu namni qorannuu gaggeessu odeeffannoo madda ragaalee irraa walitti qabaman jechoota yaada Sana dubbisaa yookiin dhaggeeffataa biraatiif ifa taasisuu danda'u jedhee yaadetti fayyadamuun ibsuu akka danda'amudha. Haaluma kanaan qorannoo kana gaggeessuudhaaf qorataanis mala kanatti gargaarameera.

Karaa biroo immoo qorannoo kana keessatti odeeffannoon walitti qabame ragaan deeggaramee Kan xiinxalame dha. Addunyaa (2011:12) waa'ee dhimma kanaa irratti"Ciminni qoranno akkamtaa gaaffiiwwan "Akkam? Maaliif?" jedhan kaasuun gadi fageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati."Jechuun barreessaniiru. Yaada kana bu'uura godhachuudhaan malli Kun gadi fageenyaan xiinxaluurratti humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuutiinis gahee guddaa kan qabu ta'uu isaa ti.

Kanaafuu kaayyoon qorannoo qorataa kanaas dubbisuu barsiisuun barattoota afaan oromoo akka afaan lammaffatti baratanii maal akka fakkaatu xiinxaluun lafa kaahuu irratti kan xiyyeeffatedha.Gama biraatiin immoo meshaalee funaansa ragaa keessatti ogummaa dubbisuu barsiisuu afaan oromoo akka afaan lammaffaatti barattoota baratan kanaaf barataan dubbisa gabaabduu ishee akka dubbisan gochuun itti gargaaramaniiru. Akkaataan dubbisa kennameefii

dubbisuun gaaffilee dubbisa keessaa bahan deebisuun isaanii bu’aa dubbisuu barachuu irraa kan argame ta’uu isaa nu hubachiisa.

Qorannoo kana gaggeessuuf ragaan bifa akkamtaafi ammamtaan funaanamuun mala qorannoo makootti dhimma bahamuu agarsiisa.Addunyaa (2011:17) barreeffama isaanii keessatti bu’aa qabeessummaa qorannoo makoo yommuu ibsu,”Odeeffannoon kallattii adda addaatii mala adda addaatiin funaanamee qaacceffamu ragaaleefi tooftaalee walitti fiduun dhimma cimaa tokko keessaa baasuuf haala mijeessa.Amala kanaanis qorannoo mala makoo fayyadamuun isa tokkoorra bu’aa qabeessa dha.”Jedhaniiru. Yaada isaanii kanarraa kan hubatamu bu’aan adeemsa qorannoo makoo irraa argamu mala odeeffannoo akaakuu tokkoo qofatti dhimma bahuurra baay’ee filatamaafi bu’aa qabeessummaan isaa guddaa ta’uu isaati.

### 3.2 Madda Ragaa

Qorataan qorannoo kana gaggeessuudhaaf madda raga odeeffannoo qorannoo kanaa madda tokkoffaatti gargaarameera. Maddi tokkoffaan kunis milkaa’ina qorannoo kanaatiif ragaaleen biraatii argamuu danda’a jedhamanii warra qorannoo kana keessatti hammatamanii jiranidha. Odeeffannoo qorannichaa barsiisota afaan oromoo barattoota akka afaan lammaffaatti barsiisaniifi barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan baratan akkasumas itti gaafatamtoota muummee Afaan Oromoo irraa yommuu ta’u ; ragaaleen kunneenis daawwannaa,af-gaaffiifi bar-gaaffii kan of keessatti qabateerudha.

### 3.3 Mala Iddatteessuu

#### 3.3.1 Iddattoo Barattootaa

Mana barumsaa sadarkaa 1ffaa Roggeefi Gammee keessatti barattootni baratan dame lamatti qoodami isaanis dame Afaan Oromootiin batataniifi dame Afaan Amaariffaatiin baratanidha.Kanaafuu qoratan qorannoo isaa gaggeessuuf iddattoo barattootaa filachuuf mala iddattoo itti yaadee (purposive sampling) tti fayyadamuun damee Afaan Amaaraa filate.Sababiin malli kun itti filatameefiis qorataan ta’e jedhee barattoota Afaan Otromoo akka afaan lammaffaatti baratan irratti qorannoo gaggeessuu waan barbaadaniifidha.Kana malees barattootni kutaa 7ffaa daree afur keessatti kan barataniifi lakkoofsi barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Roggeefi Gammee kutaa 7ffaa baratanii

Dhiira -**144** Dubara -**142** Ida'ama - **286** keessaa qorannoo kana gaggeessuuf qorataan Dhiira - **60** Dubara- **60** Ida'ama- **120** filatamaniiru. Kuni barattootni akka iddattootti filataman dhibbeentaa **41** ta'uu isaanii nu agarsiisa.

### 3.3.2 Iddattoo Barsiisotaa

Akkasumas Barsiisaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti kan barsiisu barsiisota 03 **(sadii) dhi-2 Du-1** yommuu ta'an hundi isaanii madda ragaa ta'anii akka fudhataman ta'eera. Qorataan kaayyoon qoranaa kanaa galmaan naa gahuu danda'a jedhanii bakka bu'oota walfakkaatoo ta'anitti gargaaramaniiru.Kanaafuu Qorataan mala iddatteessuu jiran keessaa mala iddatteessuu carraa ta'ee haalaan adda baasuufi Iddattoo kana gargaarameera.

### 3.3.3. Iddattoo itti gaafatamaa Muummee

Namoota ragaa kennuu irratti naaf hirmaachuu danda'u jedhe qorataan haala qabataamaa hawaasa mana barumsaa sana jiraatan keessaa itti gaafatamaan muummee akka keessatti hirmaatan ta'eera.

Walumaagalatti Sababiinsaa iddattoon filataman qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorannichaa irratti kan hundaa'ani dha. Gosa qorannoo akkanaa baay'inaan haalota,gochoota,yookiin dhimmoota ibsuurraatti waan xiyyeeffatuuf dhimmi iddattoo xiyyeeffannaa guddaa akka hinbarbaanne Kumar (2005) yommuu ibsu "In qualitative research the issue of sampling has little significance as the main aim almost qualitative inquires is either to explore or describe the diversity in a situation ,phenomenonor issue" Jedhaniiru. Yaada kana haa kaahaniyyu malee garuu xiyyeeffannoo tokkollee osoo itti hinkenniin adeemna jechuu garuu miti. Barreessaa Addunyaa(2011) yommuu barreessan qorataan ykn qorattuun tokko odeeffannoo kennitoota dhimma sana itti dhiyeenyaan ni beeku jedhee itti amanu ofiin murteessee kan filatu ta'uu isaa hubanna.Haat'u malee, qorataan barsiisaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisaniifi barattoota afaan oromoo akka afaan lammaffaatti baratan iddattoota gochuun fudhateera.Sababiin isaas akkuma kaayyoo keessatti ibsame, ogummaa dubbisuu barsiisuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniifi barsiisota barsiisan irraatti hundaa'uun barsiisuu dubbisuu afaan ormoo akka afaan lammaffaatti baratanii xiinxaluun barbaachisaa ta'ee waan argameefi dha.

### 3.3.4 Iddattoo Mana Barumsaa

Malli manni barumsaa ittiin filatame mala miti carraa keessatti mala itti yaadee (purposive sampling)tti dha. Waa'ee mala iddattoo kanaa Berg(2001) yommuu ibsu when developing a purposive sampling a purposive sampling researches use their special knowledge or experts about some group to select subjects who represent the population jedha.

Conin(1994:89) mala iddatteessuu itti yaadee yommuu ibsu "In purposive sampling researchers hand pick the case to be included to the sample on the bases of their judgement of their typicality.In this way they build up a sample that is satisfactory to their specific needs" jedhu.Akkuma yaada namoota kanaa irraa hubannutti mala iddatteessuu itti yaadee keessatti qorattoonni iddattoowwan odeeffannoo qorannoo gaggeessaa jiraniif murteessaadha jedhanii itti amananiifi kanneen kaayyoo qorannichaa galmaan gahuu danda'u jedhanii yaadan akkaataadhuma yaada murtee isaaniifiif filachuu danda'uu isaanii nutti agarsiisa.

Dabalataanis Best and Cobin (2006) filatamummaa iddattoo itti yaadee ilaalchisee yommuu dubbatan purposive sampling allows the researcher to select those participant who will provide the richest information those who are the most interesting and those who manifest the characteristics of most interest to the researcher jedhaniiru.Yaada beektotaa kana irraa akkuma hubannutti malli iddatteessuu itti yaadee hirmaattota raga quubsaafi amansiisaa gumaachuu danda'aniifi kaayyoo qorannoo kaahame galmaan gahan irraa odeeffannoo funaanuuf gargaaruuf nama dandeessisuu isaati.Manni barumsaa filatames manni barumsaa sadarkaa tokkoffaa Roggeefi Gammee ti.Sababiin qorataan mana barumsaa kana filateefiis muuxannoo qabu irraa ka'uun dhimma qorannoo kana irratti ragaa quubsaa argachuun qorannoo bu'a qabeessa gaggeessuu nan danda'a jedhee waan amaneefidha.

## 3.4 Meeshaalee Funaansa ragaalee

Akka yaalaw (2006) barreessanitti bu'aan qorannoo raga funaanuu irratti kan hundaa'u yommuu ta'u ragaan immoo meeshaalee funaansa raga irratti hundaa'aa jedhu. Yaada kanarraa kan nuti hubachuu dandeenyu ragaan bu'uura qorannoofi ta'uu isaatiifi meeshaaleen funaansa ragaalee immoo baay'ee barbaachisoo ta'uu isaaniiti.Kanaafuu galma gahinsa adeemsa qorannoo tokkoo keessatti ragaa funaanuun heddu murteessaafi barbaachisaadha. Meeshaaleen ragaa funaanuuf

gargaaran isaan gurguddooniifi ijoo ta’an immoo bar-gaaffii, af-gaaffii, daawwannaa, sakatta’insa barreeffamaafi kkf dha.

Kanaafuu qorataan qorannoo kanaa tooftaalee funaansa ragaaf nagargaaru jedheefi odeeffannoo sirriifi fudhatamaa naaf argamsiisuuf danda’u jedhee itti amane keessaa bar-gaaffiifi af-gaaffii, daawwannaafi gaaffii barreeffamaatti gargaarameera. Meeshaaleen odeeffannoo ittiin funaanuu hundi hanqina hinqabani jechuu hin dandeenyu.Haa ta’u malee qorannoo kana gaggeessuuf qorataan meeshaalee mijataafi odeeffannoo ni argamsiisu jedhee itti amane filateera.

### 3.4.1 Af-gaaffii

Af-gaaffiin meeshaalee funaansa ragaaf barbaachisan keessaa isa tokko ta’ee namoonni lama yookiin isaa ol yaada sammuudhaa qaban tokkorratti kan waliin dubbatan ta’uu Kumer (2005) yoo ibsu Waliin haasaan namoota lama ykn sanaa ol gidduutti kaayyoo murtaa’aa sammuutti qabachuun taasifamu af-gaaffii akka jedhamu ibsaniiru.

Dastaa (202002:84) yaaduma kana cimsuun yoo ibsu, “Odeeffannoo af-gaaffiidhaan funaanamu waanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeeffannoo kennaan gaafachuu isaatiini”Jedha.Kanaaf qorataan gaaffilee gamisaan qindaa’aa (semi structure interview)fi gaaffilee miti qindaa’aa (unstructure) qopheeffachuun gaafachuu dha. Yaadni kun kan nu hubaciisu qorataafi odeeffannoo kennitoonni yaada ifaadhaan akka walii galuu danda’aniifi walqunnamtiin sirrii ta’e akka gidduu isaaniitti uumamu, odeeffannoo kennitoonni raagaa qabatamaa akka kennan taasisuun qoratichi raagaa sirrii akka argattu taasisa.Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti qormaataafi gaaffileen adda addaan alatti yaadolee barsiisotaafi itti gaafatamaa muummee irraa argamuu barbaachisu argachuuf, barsiisota gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisan 3 (sadii)fi itti gaafatamaa muummee Afaan Oromoo 1 (tokko)f af-gaaffiin dhiyaateera.

Qorataan afgaaffii qindaa’erratti hudaa’uun gaaffilee dursa qopheeffachuudhaan gaaffilee walfakkaatoo duraa duuba wal fakkaataadhaan odeeffannoo kennitootaaf dhiyeessuudhaan odeeffannoo guurrateera. Sababni af-gaaffiin barbaachiseefis yaada gaafatamuun barbaachise ifa gochuufiin yaada bal’aafi bu’aa qabeessummaa qorannootiif barbaachisaa ta.e argachuufidha.

Walumaagalatti meeshaan kun kan namoota dhimmichi ilaallatuuf qorataan qorannoo kanaa kaayyoo ofii ibsuun odeeffannoo irraa ittiin funaannattuu dha. Kanaafuu, meeshaa funaansa odeeffannoo kanatti gargaaramuun qoratichi af-gaaffii caaseffamaa, daanga'oofi banaa qopheessuun barsiisotaafi itti gaafatamaa muummee afaan Oromoo iddatteeffamaniif dhiyeessuun odeeffannoo funaannateera.

### 3.4.2 Bar-gaaffii

Meeshaaleen funaansa raga kun tooftaa meeshaalee funaansa raga keessaa isa kan biro ta'ee akka af-gaaffii odeeffannoo kennaa waliin kallattiidhaan walqunnamuu yookiin walitti dhufuu kan hin barbaannedha. Bar-gaaffiin meeshaalee funaansa odeeffannootif oolan hedduu keessaa isaa tokkoofi odeeffannoo kennitoota lakkoofsan baay`ee ta`an qorannicha keessatti hirmaachisuun odeeffannoo gahaa ta`e argamsiisuu kan danda`uufi qorattoota baay`eedhaan kan filatamuudha. Sababiin qorataan bar-gaaffii kana filateefis,qorattoota baay`een filatamuu isaa qofaaf osoo hintaane, bu`aawwaan kanneen akka yeroofi humana namaa qusachuu, eenyummaa odeeffannoo kennitoota waan hinibsineef odeeffannoo kennitoonni yaada isaanii sodaa tokko malee bilisa ta'anii waan ittiin ibsataniifi bakka bu`aadhanis dalagamuu danda`uu isaatiif jecha dha. Bar-gaaffiin odeeffannoo bal'aa walitti qabachuuf ykn sassaabbachuuf gargaara.Tajaajiluma meeshaan odeeffannoo walitti qabuuf gargaaru kun ooluuf kana bu`uura godhachuudhaan qorannoo kana keessatti qorataan odeeffannoo bal`aa argaachuuf odeeffannoo kennitoota akka iddattoo caarraatti filataman mana barumsaa sadarkaa 1^ffaa^ Roggeefi Gammee kutaa kutaa 7^ffaa^ barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan 120 (dhibba tokkoofii digdamaa)f bargaaffiin dhiyaateera.

Asuma jalatti barattootni iddattoon bar-gaaffiin dhiyaateefii kun barreeffama dhiyaateefii dubbisuun ergaa dubbisicha keessatti darbe hubachuufi hubachuu dhiisuu isaanii ittiin adda baafachuuf jecha qorataan dubbisni iddattoota filatamaniif akka dhiyaatu taasiseera.

### 3.4.3 Daawwannaa Daree

Daawwannaan malleen funaansa ragaatiif barbaachisan keessaa isa biroo ta'ee qorataan qaamaan argamuudhaan haalaafi wanta adeemsifamaa jiru ija isaatiin ilaaluudhaan ciminaafi laafina jiru ittiin adda baafachuuf ittiin gargaaramudha.Haaluma kanaan qorataan adeemsi dubbisuu barsiisuufi ogummaan dubbisuu barattootaa kutaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti

baratan keessatti haala kamiin akka barsiifamaa jiru qaamaan argamuun odeeffannoo walitti qabachuudha.Haaluma kanaan qorataan mana barumsaa  sadarkaa 1ffaa Roggeefi Gammeetti kutaa 7[ffaa] barattoota Afaan Orommoo akka afaan lammaffaatti barataniitti akka tasaa argamuun unka mirkaneessituu qopheeffachuun odeeffannoo funaannadheera.

### 3.5 Tooftaa Qaaccessa Ragaa

Ragaaleen meeshaalee adda addaatiin funaanaman qaaccessuun barbaachisaa dha.Ragaaleen meeshaalee qorannoo af-gaaffii barsiisotaafi itti gaafatamaa muummee irraa argamaniifi qorataan daawwannaa dirree irraa kallattiin argatan mala qorannoo qulqullaa’inaan kan ibsame ta’a.Dhimma kana irratti Dastaa (2013:29) yommuu ibsu”qorattootni tokko tokko qorannoon qulqullaa’inaa gaaffii maaliif? Jedhu malee akkamitti kan jedhuuf hin dhiphatu yaada jedhu dhiyeessu.Warri biroon immoo qorannoon gosa kanaa gaaffii why jedhuufi How jedhuuf malee When,Where…xiyyeeffannaa akka hin laanne ibsu.Qorannoon mala kanaan gaggeeffamu qorataan odeeffannoo argate mala addeessaatiin ykn mala ibsaatiin dhiyeessa.Adeemsi isaatiis mala baramaa hordofuudhaan kan dhiyaatu ta’a.Kunis:-Daawwannaa—Waan daawwatan galmeessuu—waan galmeessan haala gaariin ibsuu yommuu ta’u af-gaaffiin immoo gaaffii fuulaa fuulatti walarguun gaafatanii yaada deebii kennitootaa qindeessuudha” jedhu.Yaada kanarraa hubachuun kan danda’amu qorataan odeeffannoo bifa af-gaaffiifi daawwannaan yommuu walitti qabatu tooftaa kana fayyadamuun ibsuu danda’uu isaati. Karaa biraatiin immoo ragaan bargaaffii barattoota irraa walitti qabame immoo mala qorannoo safartaa fayyadamuun baay’ina namoota deebii kennanii gara dhibbeentaatti jijjiiramanii haala dhibbeentaatiin dhiyaata.Ragaan haala kanaan erga qaacceffamee booda hiikni itti kennama. Dhuma irrattis bu’aan qorannichaa haala ifa ta’een ibsamee yaadni furmaataa dhiyeessuun adeemsi qorannoo kanaa goolabama.

## BOQONNAA AFUR

## Qaaccessaafi Ibsa Ragaalee

Boqonnaa kana jalatti iddattoowwan raga kenntoota adda addaa iraa walitti qabamantu qaacceffamee hiikni itti kennama. Kunis kutaatlee gurguddoo adda addaa sadii jalatti qoodamee gaggeeffameera. Kutaaleen kunis barattoota.barsiisota afaan Oromoo barsiisaniifi itti gaafatamaa muummee Afaan Oromoo mana barumsaa Sad.$1^{ffaa}$ Roggeefi Gammee keessatti argamaniin dhiyaatan ta’ee Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuufi barachuun maal akka fakkaatu kutaalee itti yaadni garagaraa kenname xiinxalamedha.Qaaccessiifi ibsi kunis gaaffilee af-gaaffiini ta’e bar-gaaffiin iddattoowwaniif dhiyaatanii irratti yaadni kenname irratti kan bu’ureffatedha.

### 4.1 Ga’umsa dandeettii dubbisuu barsiisuu

#### A. Qaaccessa Ragaa Barattootaa

**Gabaatee-1. Qaaccessa gaaffilee filannoo yaada waliigalaa barattoonni baruu barsiisuu Afaan Oromoo akka afaan lammaffaa barsiisuu irratti qaban beekuuf dhiyaatanii**

Gabateen qaaccessa qabxii gaaffii filannoo yaada waliigalaa dubbisuu barsiisuu barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniif dhiyaate kan qabate dha. As jalatti gaaffiiwwan waliigalaa barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniif waa’ee dubbisuu barsiisuufi barachuu Afaan Oromoo ilaalchisee yaada qaban walitti qabuun kutaatti qindeeffame dha.

| Gaaffileewwan dhiyaatan | Filannoowwan | Baay’ina barattootaa | Dhibbeentaa |
|---|---|---|---|
| Barnoota dubbisuu Afaan oromoo akkamiin gabbifachuun danda’ama? | A.Namni biroon sagalee ol kaasuudhaan yoo dubbise | 15 | 14.4% |
| | B.Barreeffamoota Afaan Oromootiin barreeffamanii jiran dubbisuun | 13 | 12.5% |
| | C.Dubbisa Afaan Oromoo gara afaan Amaariffatti jijjiiruun | 76 | 73.1% |
| | D.Yeroo mara Afaan Oromoo dubbisuun | 0 | 0% |
| Barnootni dubbisuu kutaa keessatti yommuu barsiifamu dubbisa | A. Baay’een jaaladha. | 23 | 22.1% |
| | B. Darbee darbeen jaaladha | 70 | 67.3% |
| | C. Gonkuma hinjaaladhu | 11 | 10.6% |

| | | | |
|---|---|---|---|
| kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessa jiru dubbisuu ni jaallattaa? | | | |
| Kutaa keessatti barnoota Afaan Oromoo yommuu barattuu ogummaa afaanii keessaa isa kam jallatta? | A. Dubbisuu | 0 | 0% |
| | B. Barreessuu | 36 | 34.6% |
| | C. Dubbachuu | 23 | 22.1% |
| | D. Dhaggeeffachuu | 45 | 43.3% |
| Barsiisaan/tuun afaan Oromoo barsiisan ogummaa afaanii isa kam irratti xiyyeeffannoo kennu? | A.Dubbisuu | 30 | 28.8% |
| | B.Barreessuu | 17 | 16.3% |
| | C.Dubbachuu | 57 | 54.8% |
| | D.Dhaggeeffachuu | 0 | 0% |
| Shaakalli dubbisaa kutaa keessatti yommuu siif kennamu dubbistee ni xumurtaa? | A.Lakki | 67 | 64.4% |
| | B.Nan xumura. | 37 | 35.6% |
| Deebiinke Lakk.2.5 lakkii yoo ta'e sababiin isaa maali? | A. fedhii dhabuu | 40 | 38.4% |
| | B. hanqina ogummaa | 60 | 57.6% |
| | C. hanqina yeroo | 0 | 0% |
| | D.hordofamuu dhabuu | 4 | 3.8% |
| Barsiisaan/tuun Afaan Oromoo yommuu dubbisuu kutaa keessatti barsiisan maalitti gargaaramu? | A. Kitaaba barataa irratti dubbisa dhiyaate qofa | 104 | 100% |
| | B. Barruuleefi gaazeexaa adda daa irraa | 0 | 0% |
| | C. Lamaanuu ni gargaaramu | 0 | 0% |
| Dubbisaaleen kitaaba barataa kutaa 7ffaa keessaati dhiyaataniifi mata-dureen isaanii maal fakaata? | A. Gabaabaafi hawwataa | 13 | 12.5% |
| | B. dheeraafi nuffisiisaa | 57 | 54.8% |
| | C. Wal makaa | 34 | 32.7% |
| | D. dhimmoota hinbeekamne | 0 | 0% |
| Wayitii barnoota Afaan Oromoo barattootni hundi kitaaba isaanii qabatanii dhufuu? (deebii tokkoo ol filachuun ni danda'ama) | A. Lakki hinqabatani | 0 | 0% |
| | B. Bay'een isaanii qabatu | 31 | 29.8% |
| | C. harki caalu hinqabatani | 73 | 70.2% |
| Deebiin gaaffii Lakk. 2.9 hin qabataniitti caala yoo ta'e sababni isaa maali? | A. Hanqina kitaabaa | 18 | 17.3% |
| | B. Fedhii qabatanii deemuu dhabuu | 86 | 82.7% |
| | C. deebiin biraan yoo jiraates asitti ibsaa | 0 | 0% |

Akkuma gabatee tokkoffaa kana irraa hubachuun danda'ametti hubannoo waliigalaa barattootni dubbisuu irratti qaban irratti qaban madaaluudhaaf gaaffileen filannoo qaban kudhan (10) dhiyaatanii deebiin itti kennameera.Barattootni gaaffii kana irratti hirmaatan baay'inaan dhibba tokkoofi afur (104) dha.Qabxiilee gabatee olii keessatti qindaa'an immoo akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

Haaluma kanaan 2.1 irratti Barnoota dubbisuu Afaan oromoo akkamiin gabbifachuun danda'ama?gaaffiin jedhu barattoota 104f dhiyaatee barattoonni 76(73.1%) dubbisa Afaan Oromoo gara afaan Amaaratti jijjiiruun jechuun deebisanii barattoonni 15(14.4%) immoo namni biroon sagalee ol kaasuudhaan yoo dubbise yommuu jedhan barattoonni 13(12.5%) garuu barreeffamoota Afaan Oromootiin barreeffamanii jiran dubbisuun jechuudhaan deebii kennaniiru.Barattoota jiran keessaa garuu yeroo mara Afaan Oromoo dubbisuun jedhanii kan deebii kennan hin jirani. Kana irraa kan nuti hubannu barattootni ogummaa dubbisa Afaan Oromoo isaanii gabbifachuuf Afaan Oromoo gara Afaan Amaaraatti jijjiiruun barachuu kan barbaadan ta'uu isaaniiti.

2.2 irratti Barnootni dubbisuu kutaa keessatti yommuu barsiifamu dubbisa kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessa jiru dubbisuu ni jaallattaa?gaaffiin jedhu barattoota 104f dhiyaatee barattoonni 70 (67.3%) darbee darbeen jaaladha jechuun deebisanii barattoonni 23(22.1%) immoo baay'een jaalladha yommuu jedhan barattoonni 11(10.6%) garuu gonkuma hinjaaladhu jechuudhaan deebii kennaniiru.Kana irraa kan nuti hubannu barattootni dubbisuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan barachuu kan hinjaalanne ta'uu isaaniiti.

2.3 irratti Kutaa keessatti barnoota Afaan Oromoo yommuu barattuu ogummaa afaanii keessaa isa kam jallatta? gaaffiin jedhu barattoota 104f dhiyaatee barattoonni 45(43.3%) dhaggeeffachuu jechuun deebisanii barattoonni 36(34.6%) immoo barreessuu yommuu jedhan barattoonni 23(22.1%) garuu dubbachuu jechuudhaan deebii kennaniiru.Barattootaa gaaffiin dhiyaateefii keessaa ogummaa dubbisuu jedhanii kan deebisan hin jirani.Kana irraa kan nuti hubannu barattootni harki caalaan isaanii ogummaa afaanii keessaa dhaggeeffachuu kan jaallatanfi keessumattuu dubbisuu kan hin jaallanne ta'uu isaaniiti.Ogummaa dubbisuu fooyyeffachuuf immoo shaakala gochuun barbaachisaadha. Haa ta'u malee yaada barattootaa kana irraa kan nuti hubannu garuu kan fedhiin isaanii irratti hundaa'ee jiru ogummaa dubbisuu isaanii immoo daangessuu isaa ti.

2.4 irratti Barsiisaan/tuun afaan Oromoo barsiisan ogummaa afaanii isa kam irratti xiyyeeffannoo kennu? gaaffiin jedhu barattoota 104f dhiyaatee barattoonni 57(54.8%) dubbachuu jechuun deebisanii barattoonni 30(28.8%) immoo dubbisuu yommuu jedhan barattoonni 17(16.3%) garuu barreessuu jechuudhaan deebii kennaniiru.Barattoota gaaffiin dhiyaateefii keessaa barsiisaan/tuun ogummaa afaanii keessaa dhaggeeffachuu jaallatu jedhanii kan deebisan garuu hin jiran.Kana irraa kan nuti hubannu barsiisonni irra caalaan isaanii ogummaa afaanii keessaa dubbachuu irratti kan xiyyeeffatan ta’uu isaaniiti.Ogummaa dubbisuu isaanii barattoonni akka fooyyeffatan gochuuf immoo barattootni akka dubbisan gochuun barsiisaan garuu dhaggeeffachaa yaada deeggarsaa kennaa deemuun barbaachisaadha.

2.5 irratti Shaakalli dubbisaa kutaa keessatti yommuu siif kennamu dubbistee ni xumurtaa? gaaffiin jedhu barattoota 104f dhiyaatee barattoonni 67(64.4%) lakkii jechuun deebisanii barattoonni 37(35.6%) immoo nan xumura jechuudhaan deebii kennaniiru.Kana irraa kan nuti hubannu barattoonni harki caalli isaanii dubbisa kennameefii dubbisanii kan hin xumurre ta’uu isaaniiti. Kun immoo guyyaa guyyaan wal irratti daddabalaa Kan deemu yoo ta’e ogummaa barattootaa irratti dhiibbaa guddaa uumaa deema.

2.6 irratti Deebiinke Lakk.2.5 lakkii yoo ta’e sababiin isaa maali? gaaffiin jedhu barattoota 104f dhiyaatee barattoonni 60(57.6%) hanqina ogummaa jechuun deebisanii barattoonni 40(38.4%) immoo fedhii dhabuu yommuu jedhan barattoon 4(3.8%) immoo hordofamuu dhabuu jechuudhaan deebii kennaniiru.Garuu barattoota gaafannoon kun dhiyaateefii keessaa hanqina yerootu jira jedhee kan deebise tokkollee hin jiru.Kana irraa kan nuti hubannu barattoonni irra caalaan isaanii hanqina ogummaa dubbisuu kan qaban yommuu ta’uu fedhii dhabuunis akka jiru nu agarsiisa.Kanaaf Afaan Oromoo dubbisuu barsiisuun xiyyeeffannoo guddaa kan barbaaduufi irratti hojjetamuu kan qabu ta’uu nutty mul’isa.

2.7 irratti Barsiisaan/tuun Afaan Oromoo yommuu dubbisuu kutaa keessatti barsiisan maalitti gargaaramu? gaaffiin jedhu barattoota 104f dhiyaatee barattoonni 104(100%) nu Kitaaba barataa irratti dubbisa dhiyaate qofa jechuun yommuu deebii kennan barruuleefi gaazeexaa adda daa irraa yookiin lamaanuu irraa jedhanii kan deebisan garuu hin jirani.Kana irraa kan nuti hubannu barsiisonni hundi isaanii dubbisuu kutaa keessatti yommuu barsiisan kitaaba barataa qofa kan gargaaraman malee kitaabolee yookiin barruulee adda addaa kan hin fayyadamne ta’uu isaaniiti. Kun immoo fedhii ogummaa dubbisuu barattootaa hir’isaa Kan deemu ta’uu isaa ti.

2.8 irratti Dubbisaaleen kitaaba baratаа kutaa 7[ffaa] keessaati dhiyaataniifi mata-dureen isaanii maal fakaata? gaaffiin jedhu barattoota 104f dhiyaatee barattoonni 57(54.8%) dheeraafi nuffisiisaa jechuun deebisanii barattoonni 34(32.7%) immoo walmakaa yommuu jedhan barattoon 13(12.5%) immoo gabaabaafi hawwataa jechuudhaan deebii kennaniiru.Barattoota deebii kennan keessaa dhimmoota hinbeekamne jedhanii kan deebisan hin jirani.Kana irraa kan nuti hubannu dubbisaaleen kitaaba isaanii keessatti dhiyaatan dheeraafi nuffisiisaa akka ta'an agarsiisa.Kanaaf dubbisaaleen kitaaba Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan sirriitti ilaalamuun akka itti jiraatu nu hubachiisa.

2.9 irratti Wayitii barnoota Afaan Oromoo barattootni hundi kitaaba isaanii qabatanii dhufuu? gaaffiin jedhu barattoota 104f dhiyaatee barattoonni 73(70.2%) harki caalu hinqabatani jechuun deebisanii barattoonni 31(29.8%) immoo harki caalu hinqabatani jechuudhaan deebii kennaniiru.Barattoota gaaffiin dhiyaateefii keessaa lakki kitaaba isaanii tokkoyyu hinqabatani kan jedhan garuu hin turre.Kana irraa kan nuti hubannu barattoonni harki caalaan isaanii kitaaba isaanii qabatanii kan hin dhufne ta'uu isaaniit.Kun immoo adeemsi baruu barsiisuu mataan isaa keessumattuu dubbisuu barsiisuun haala barbaadameen akka hin milkoofne godha.

2.10 irratti Deebiin gaaffii Lakk. 2.9 hin qabataniitti caala yoo ta'e sababni isaa maali? gaaffiin jedhu barattoota 104f dhiyaatee barattoonni 86(82.7%) Fedhii qabatanii deemuu dhabuu jechuun deebisanii barattoonni 18(17.3%) immoo hanqina kitaabaa jechuudhaan deebii kennaniiru.Deebii biraa kan kennan garuu hinjiran.Kana irraa kan nuti hubannu barattoonni harki caalaan isaanii kitaaba isaanii qabatanii mana barnootaa deemuudhaaf fedhii kan hin qabne ta'uu isaaniit.Kun immoo dubbisa shaakaluu isaaniis daangessaa deemaa jechuu dha.

**Gabatee B. Qaaccessa bu'aa gaaffilee qormaataa Barattootaa**

Kutaan Kun qaaccessa qormaata dubbisa dhiyaate keessaa bahe isaanii kennamee kan qabatedha.As jalatti barattootni dubbisni kennameefii dubbisa dubbisuun gaaffilee filannoodhaan dhiyaataniif akka deebisan godhameera. Haaluma kanaan bu'aan qabxii isaanii akkuma armaan gaditti gabatee keessatti mul'atuun qindaa'ee qaacceffameera.

| Gaaffileewwan dhiyaatan | Filannoowwan | Baay'ina barattootaa | Dhibbeentaa |
|---|---|---|---|
| Hiikni "gadameessa ishee **jiise"** jedhuu | A. Laaffise | 23 | 22.1% |
| | B. Bishaaniin tortorse | 55 | 52.8% |
| | C. dhala kenneef | 26 | 25% |
| | D. humna dhowwate | 0 | 0% |
| Waanofiin maal hojjechuu jaalata? | A. Kubbaa taphachuu | 59 | 56.7% |
| | B. Haadha isaa waliin deemuu | 20 | 19.2% |
| | C. Bishaan waraabuu | 0 | 0% |
| | D. Qo'achuu | 25 | 24% |
| "Gosti barnootaa Harka isaatti **hinlatne** hinjiru" jechuun | A.Hingogne | 35 | 33.6% |
| | B.Ija hingodhanne | 69 | 66.3% |
| | C. Hinteenye | 0 | 0% |
| | D. hinqabamne | 0 | 0% |
| **Qoorfatte** jechi jedhu | A. cabsatte | 19 | 18.2% |
| | B. boohuu dhiiste | 75 | 72.1% |
| | C. kufte | 10 | 9.6% |
| | D. harkiste | 0 | 0% |
| Barreeffama kanarraa maal baranna? | A. Aabdii kutachuu dhiisuu | 0 | 0 % |
| | B. Jabaatanii hojjechuu | 60 | 57.6% |
| | C. dhama.uu | 12 | 11.5% |
| | D. hundi deebiidha | 32 | 30.7% |

**Cuunfaa Qabxii barattootaa gabatee olii irratti mul'atuu**

| Qabxii 5 keessaa Hanga Argatan | Baay'ina barattootaa | Baay'ina Barattootaa Dhibbeentaan |
|---|---|---|
| 1-2/5 | 62 | 59.6% |
| 3-5/5 | 42 | 40.4% |

Gabatee armaan olitti mul'atu irraa hubachuun akkuma danda'ametti hubannoo dubbisa dubbisuun argatan madaaluudhaaf gaaffileen filannoo qaban shan (05) dhiyaatanii qabxii shan keessaa sirreeffamaniiru. Barattootni gaaffii qormaataa kana irratti hirmaatan baay'inaan dhibba tokkoofi afur (104) dha.Barattootni Afaan Oromoo akka afaan lammaaffaatti baratan Kun dubbisni kennameefii gaaffileen dubbisa keessaa bahan filannoodhaan dhiyaatanii qabxii isaan argatan akka armaan gadiitti cuunfameera. Barattootni 42(40.4%) qabxii 3-5/5 keessaa yommuu argatan barattootni 62(59.6%) immoo qabxii 1fi2 Shan keessaa argataniiru.

Ragaa kana irraattii kan nuti hubannu barattootni kun dubbisa kennameefii dubbisanii ergaa isaa hubachuudhaaf hanqina akka qabanidha.Keessumattuu gaaffilee 1 fi 2 irratti dhiyaataniif barattootni harki caalaan isaanii deebii argachuufi hin dandeenye. Kun immoo barattootni ofii isaanii dubbisa kennameefii dubbisuun hubachuudhaaf rakkoon akka qaban nutti agarsiisa.

**Gabatee-3-Qaaccessa gaaffileen akkaataa barsiisonni Afaan Oromoo itti dubbisa barsiisan barattootaaf dhiyaatee itti qindaa'e.**

Gabatee kana keessatti akkaataa barsiisaan/tuun Afaan Oromoo dubbisa Afaan Oromoo barattoota isaaniif itti dhiyeessan Kan itti qaaccessamedha.

| Lakk | Gaaffiiwwan dhiyaatan | Flannoowwan | Baay'ina Debii kennitoota | Dhibbeentaa deebii kennitootaa |
|---|---|---|---|---|
| 3.1 | Dubbisaan dura | | | |
| 3.1.1 | Mata duree dubbisa guyyaa waliin wal isin barsiisuu | Yeroo hunda raawwatu/fayyadamu | 89 | 85.6% |
| | | Yeroo tokko tokko fayyadamu/raawwatu | 15 | 14.4% |
| | | Gonkuma hin fayyadaman/hinraawwatan | 0 | 0% |
| 3.1.2 | Kaayyoo dubbisa dhiyaatee isiniif ni ibsuu | Yeroo hunda raawwatu/fayyadamu | 9 | 8.7% |
| | | Yeroo tokko tokko fayyadamu/raawwatu | 57 | 54.8% |
| | | Gonkuma hin fayyadaman/hinraawwatan | 38 | 36.5% |
| 3.1.3 | Jechoota haaraa dubbisa keessatti dhiyaataniif hiika ni kennuu | Yeroo hunda raawwatu/fayyadamu | 13 | 12.5% |
| | | Yeroo tokko tokko fayyadamu/raawwatu | 76 | 73.1% |
| | | Gonkuma hin fayyadaman/hinraawwatan | 15 | 14.4% |
| 3.1.4 | Mata duree irratti hundaa'uun maal gochuu akka qabdaniifi maal dalaguu akka qabdan ifa isinii taasisuu | Yeroo hunda raawwatu/fayyadamu | 11 | 10.6% |
| | | Yeroo tokko tokko fayyadamu/raawwatu | 65 | 62.5% |
| | | Gonkuma hin fayyadaman/hinraawwatan | 28 | 26.9% |
| 3.1.5 | Gilgaalota dubbisa duraa irratti gareen akka marii'attan ni godhuu | Yeroo hunda raawwatu/fayyadamu | 91 | 87.5% |
| | | Yeroo tokko tokko fayyadamu/raawwatu | 11 | 10.6% |
| | | Gonkuma hin fayyadaman/hinraawwatan | 2 | 1.9% |
| **3.2** | **Wayita/Yeroo /Dubbisaa** | | | |
| 3.2.1 | Kaayyoo dubbisa dubbistaniif isinitti himuu | Yeroo hunda raawwatu/fayyadamu | 5 | 4.8% |
| | | Yeroo tokko tokko fayyadamu/raawwatu | 79 | 76% |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | Gonkuma hin fayyadaman/hinraawwatan | 20 | 19.2% |
| 3.2.2 | Daqiiqaa dubbistanii itti xumurtan isin beeksisuu | Yeroo hunda raawwatu/fayyadamu | 2 | 1.9% |
| | | Yeroo tokko tokko fayyadamu/raawwatu | 92 | 88.5% |
| | | Gonkuma hin fayyadaman/hinraawwatan | 10 | 9.6% |
| 3.2.3 | Tooftaalee dubbisaa (saffisaan, sakatta'aan…)akka barbaachisummaa isaatti akka dubbistan kallattii isinii kennuu | Yeroo hunda raawwatu/fayyadamu | 7 | 6.7% |
| | | Yeroo tokko tokko fayyadamu/raawwatu | 68 | 65.4% |
| | | Gonkuma hin fayyadaman/hinraawwatan | 29 | 27.9% |
| **3.3** | **Dubbisaan Booda** | | | |
| 3.3.1 | Dubbisa dubbistan muuxannoo duraan qabdan waliin akka walqabsiistan gochuu | Yeroo hunda raawwatu/fayyadamu | 9 | 8.7% |
| | | Yeroo tokko tokko fayyadamu/raawwatu | 65 | 62.5% |
| | | Gonkuma hin fayyadaman/hinraawwatan | 30 | 28.8% |
| 3.3.2 | Erga dubbistanii xumurtaniin booda ergaa dubbisichaa hubachuufi hubachuu dhiisuu keessan madaaluuf gaaffii isinii dhiyeessuu | Yeroo hunda raawwatu/fayyadamu | 18 | 17.3% |
| | | Yeroo tokko tokko fayyadamu/raawwatu | 65 | 62.5% |
| | | Gonkuma hin fayyadaman/hinraawwatan | 21 | 20.2% |

Akkuma gabatee sadaffa kana irraa hubachuun danda'amutti barsiisonni Afaan Oromoo dubbisa barnoota Afaan Oromoo yommuu kutaatti isaanii dhiyeessan sadarkaa itti gochaaleen adda addaa hojiirra oolchan beekuuf gaaffilee barattootaaf dhiyaatee yaada isaanii itti kennani dha.

Haaluma kanaan gaaffii 3.1.1 irratti Mata duree dubbisa guyyaa waliin wal isaan barsiisuu barsiisotaa yommuu gaafataman barattoota 104 keessaa barattootni 89(85.6%) yeroo hunda raawwatu; barattootni 15(14.4%) yeroo tokko tokko raawwatu yommuu jedhan gonkuma hin hinraawwatan kan jedhan garuu hin jiran. Yaada barattootaa kana irraa kan hubachuun danda'amu barsiisotni wayita barnoota Afaan Oromoo gochaalee dubbisa duraa kan ta'e mata duree guyyaa waliin wal barsiisuu irratti hanqina baay'ee kan hin qabne ta'uu isaaniiti.

Gaaffii 3.1.2 irratti Kaayyoo dubbisa dhiyaatee isaanii ibsuu barsiisotaa yommuu gaafataman barattootni 104 keessaa barattootni 9(8.7%) yeroo hunda raawwatu; barattootni 57 (54.8%)

Yeroo tokko tokko raawwatu yommuu jedhan barattootni 38(36.5%) immoo gonkuma hin hinraawwatan jechuun yaada isaanii kennaniiru. Yaada barattootaa kana irraa kan hubachuun danda'amu barsiisotni wayita barnoota Afaan Oromoo gochaalee dubbisa duraa kan ta'e kaayyoo dubbisa dhiyaatee barattootaaf ibsuun baay'ee barbaachisaa ta'ullee yeroo tokko tokko malee kan hin raawwatamne ta'uu isaati. Kanaafuu barsiisonni gocha kana irratti hanqina baay'ee kan qaban ta'uu isaanii hubanna.

Gaaffii 3.1.3 irratti Jechoota haaraa dubbisa keessatti dhiyaataniif hiika kennuu barsiisotaa yommuu gaafataman barattootni 104 keessaa barattootni 13(12.5%) yeroo hunda raawwatu; barattootni 76(73.1%) Yeroo tokko tokko raawwatu yommuu jedhan barattootni 15(14.4%) immoo gonkuma hin hinraawwatan jechuun yaada isaanii kennaniiru. Yaada barattootaa kana irraa kan hubachuun danda'amu barsiisotni wayita barnoota Afaan Oromoo gochaalee dubbisa duraa kan ta'e hiika jechoota haaraa dubbisa keessatti dhiyaataniif hiika isaanii barattootatti himuun yookiin isaanii ibsuun baay'ee barbaachisaa ta'ullee yeroo tokko tokko malee kan hin raawwatamne ta'uu isaati. Kanaafuu barsiisonni gocha kana irratti hanqina baay'ee kan qaban ta'uu isaanii hubanna.

Gaaffii 3.1.4 irratti Mata duree irratti hundaa'uun maal gochuu akka qabaniifi maal dalaguu akka qaban ifa isaanii taasisuu barsiisotaa yommuu gaafataman barattootni 104 keessaa barattootni 11(10.6%) yeroo hunda raawwatu; barattootni 65(62.5%) Yeroo tokko tokko raawwatu yommuu jedhan barattootni 28(26.9%) immoo gonkuma hin hinraawwatan jechuun yaada isaanii kennaniiru. Yaada barattootaa kana irraa kan hubachuun danda'amu barsiisotni wayita barnoota Afaan Oromoo gochaalee dubbisa duraa kan ta'e mata duree irratti hundaa'uun maal gochuu akka qabaniifi maal dalaguu akka qaban barattootaaf ifa taasisuun baay'ee barbaachisaa ta'ullee yeroo tokko tokko malee kan hin raawwatamne ta'uu isaati. Kanaafuu barsiisonni gocha kana irratti hanqina baay'ee kan qaban ta'uu isaanii hubanna.

Gaaffii 3.1.5 irratti gilgaalota dubbisa duraa irratti gareen akka marii'attan gochuu barsiisotaa yommuu gaafataman barattootni 104 keessaa barattootni 91(87.5%) yeroo hunda raawwatu; barattootni 11(10.6%) Yeroo tokko tokko raawwatu yommuu jedhan barattootni 2(1.9%) immoo gonkuma hin hinraawwatan jechuun yaada isaanii kennaniiru. Yaada barattootaa kana irraa kan hubachuun danda'amu barsiisotni wayita barnoota Afaan Oromoo gochaalee dubbisa duraa kan ta'e mata duree guyyaa waliin wal barsiisuu irratti hanqina baay'ee kan hin qabne ta'uu isaaniiti.

Gaaffii 3.2.1 irratti Kaayyoo dubbisa dubbisanii isaanitti himuu barsiisotaa yommuu gaafataman barattootni 104 keessaa barattootni 5(4.8%) yeroo hunda raawwatu; barattootni 79(76%) Yeroo tokko tokko raawwatu yommuu jedhan barattootni 20(19.2%) immoo gonkuma hin hinraawwatan jechuun yaada isaanii kennaniiru. Yaada barattootaa kana irraa kan hubachuun danda'amu barsiisotni wayita barnoota Afaan Oromoo gochaalee wayita dubbisaa kan ta'e Kaayyoo dubbisa dubbisanii isaanitti himuun baay'ee barbaachisaa ta'ullee yeroo tokko tokko malee kan hin raawwatamne ta'uu isaati. Kanaafuu barsiisonni gocha kana irratti hanqina baay'ee kan qaban ta'uu isaanii hubanna.

Gaaffii 3.2.2 irratti daqiiqaa dubbisanii itti xumuran isaan beeksisuu barsiisotaa yommuu gaafataman barattootni 104 keessaa barattootni 2(1.9%) yeroo hunda raawwatu; barattootni 92(88.5%) Yeroo tokko tokko raawwatu yommuu jedhan barattootni 10(9.6%) immoo gonkuma hin hinraawwatan jechuun yaada isaanii kennaniiru. Yaada barattootaa kana irraa kan hubachuun danda'amu barsiisotni wayita barnoota Afaan Oromoo gochaalee wayita dubbisaa kan ta'e daqiiqaa dubbisanii itti xumuran isaan beeksisuun baay'ee barbaachisaa ta'ullee yeroo tokko tokko malee kan hin raawwatamne ta'uu isaati. Kanaafuu barsiisonni gocha kana irratti hanqina baay'ee kan qaban ta'uu isaanii hubanna.

Gaaffii 3.2.3 irratti tooftaalee dubbisaa (saffisaan, sakatta'aan…)akka barbaachisummaa isaatti akka dubbisan kallattii isaanii kennuu barsiisotaa yommuu gaafataman barattootni 104 keessaa barattootni 7 (6.7%) yeroo hunda raawwatu; barattootni 68(65.4%) Yeroo tokko tokko raawwatu yommuu jedhan barattootni 29(27.9%) immoo gonkuma hin hinraawwatan jechuun yaada isaanii kennaniiru. Yaada barattootaa kana irraa kan hubachuun danda'amu barsiisotni wayita barnoota Afaan Oromoo gochaalee wayita dubbisaa kan ta'e tooftaalee dubbisaa (saffisaan, sakatta'aan…)akka barbaachisummaa isaatti akka dubbisan kallattii isaanii kennuun baay'ee barbaachisaa ta'ullee yeroo tokko tokko malee kan hin raawwatamne ta'uu isaati. Kanaafuu barsiisonni gocha kana irratti hanqina baay'ee kan qaban ta'uu isaanii hubanna.

Gaaffii 3.3.1 irratti dubbisa dubbisan muuxannoo duraan qaban waliin akka walqabsiisatan gochuu barsiisotaa yommuu gaafataman barattootni 104 keessaa barattootni 9(8.7%) yeroo hunda raawwatu; barattootni 65(62.5%)Yeroo tokko tokko raawwatu yommuu jedhan barattootni 30(28.8%) immoo gonkuma hin hinraawwatan jechuun yaada isaanii kennaniiru. Yaada barattootaa kana irraa kan hubachuun danda'amu barsiisotni wayita barnoota Afaan

Oromoo gochaalee dubbisaan boodaa kan ta'e dubbisa dubbisan muuxannoo duraan qaban waliin akka walqabsiisatan gochuun baay'ee barbaachisaa ta'ullee yeroo tokko tokko malee kan hin raawwatamne ta'uu isaati. Kanaafuu barsiisonni gocha kana irratti hanqina baay'ee kan qaban ta'uu isaanii hubanna.

Gaaffii 3.3.2 irratti erga dubbisanii xumuraniin booda ergaa dubbisichaa hubachuufi hubachuu dhiisuu isaanii madaaluuf gaaffii isaanii dhiyeessuu barsiisotaa yommuu gaafataman barattootni 104 keessaa barattootni 18(17.3%) yeroo hunda raawwatu; barattootni 65(62.5%) Yeroo tokko tokko raawwatu yommuu jedhan barattootni 21(20.2%) immoo gonkuma hin hinraawwatan jechuun yaada isaanii kennaniiru. Yaada barattootaa kana irraa kan hubachuun danda'amu barsiisotni wayita barnoota Afaan Oromoo gochaalee dubbisaan boodaa kan ta'e erga dubbisanii xumuraniin booda ergaa dubbisichaa hubachuufi hubachuu dhiisuu isaanii madaaluuf gaaffii isaanii dhiyeessuun baay'ee barbaachisaa ta'ullee yeroo tokko tokko malee kan hin raawwatamne ta'uu isaati. Kanaafuu barsiisonni gocha kana irratti hanqina baay'ee kan qaban ta'uu isaanii hubanna.

### 4.2 Ga'umsa qajeelcha barsiisaa

### Qaaccessa gaaffilee af-gaaffii barsiisota barnoota Afaan Oromoo barsiisaniif dhiyaatee

Kutaan kun immoo dubbisa barsiisuu Afaan Oromoo barattoota akka Afaan lammaffaatti baratan irratti yaadni barsiisota Afaan Oromoo barsiisan irraa walitti qabamee qindaa'ee kutaa itti qaacceffamedha.

Haaluma kanaan 1^ffaa^ irratti dubbisa dubbisiisisuun barsiisuu fi barsiisuu dhiisuu isaanii adda baafachuuf jecha gaaffiin "Tooftaan "dubbisa dubbisiisuun barsiisuu" jedhu hojiirra oolaa jiraa?" jedhamee gaaffiin barsiisota sadiif dhiyaatee barsiisaan 1 eeyyee dhiyaachaa jira jechuun yommuu deebisan barsiisotni 2 immoo sababoota adda addaa gaaffii itti aanu irratti ka'an tarreessuun hojhiirra oolaa akka hin jirre kaasaniiru.Kunis akka waliigalaatti yommuu ilaalluu sababoota garaagaraa haa qabaatuyyu malee tooftaan dubbisa dubbisiisisuun barsiisuu hojiirra oolaa akka hin jirre nutti agarsiisa.

2^ffaa^ irratti rakkoolee dubbisa barsiisuu irratti isaan mudatu beekuuf gaaffiin "Dubbisuu barsiisuudhaaf rakkooleen isin mudatan ni jiruu?" gaaffiin jedhu barsiisota 3f dhiyaatee 3 nu

eeyyee ni jira jechuun deebii kennaniiru. Akkuma yaada isaanii irraa hubachuun danda'amutti kutaa keessatti dubbisuu barsiisuudhaaf rakkoon gufuu ta'an akka jiran namatti agarsiisa. Yaaduma kana bu'uura godhachuudhaan tarii rakkooleen kun akka fakkseenyaatti Maal maal fa'i? laata jedhamee gaaffii dhiyaateef fedhii dubbisuu dhabuu barattootaa,kitaaba qabatanii wayita barnoota isaaniitti qabatanii dhufuu dhiisuu fi kkf ni dha jechuun dubbataniiru. Kanaafuu kun kan nama hubachiisu dubbisuu barsiisuudhaaf gama barattootaatiin rakkoon barsiisota mudachaa jiru kan jiru ta'uu isaa ti.

3ffaa irratti barsiisonni maal irraa dubbisuu akka barsiisan beekuuf jecha gaaffiin "Dubbisuu yommuu barsiistan maddoota barreeffamoota dubbisa barsiisuuf oolan kam kam fayyadamtu?" gaaffiin jedhu barsiisota 3f dhiyaatee 3 nu kitaaba barataa jechuun deebii kennaniiru. Akkuma yaada isaanii irraa hubachuun danda'amutti kutaa keessatti dubbisuu barsiisuudhaaf kan isaan itti gargaaraman kitaaba barataa qofa ta'uu isaa namatti agarsiisa.

4ffaa irratti fedhii dubbisuu barattootaa kakaasuuf gahee isaanirraa eegamu beekuufi beekuu isaanii adda baafachuuf jecha gaaffiin "Barattootni Fedhii dubbisuu akka horataniif gahee barsiisaan/tuun tapatu/ttu guddaadha jettanii amantuu?" gaaffiin jedhu barsiisota 3f dhiyaatee 3 nu qofaa isaa ta'uu baatus eeyyee gaheen barsiisota irraa eegamu guddaadha jechuun deebii kennaniiru. Kanaafuu yaada isaanii irraa akkuma hubachuun danda'amutti kutaa keessatti barattootni fedhii dubbisuu akka horatan gochuudhaaf gaheen barsiisota irraa eegamu guddaa ta'uu ti.

5ffaa irratti barsiisonni ogummaa afaanii keessaa isa kam yommuu barsiisan barattootni si'aayinaan akka hordofan beekuuf gaaffiin "Wayitii sagantaa barnoota Afaan Oromoo ogummaa afaanii keessaa isa kam yommuu barsiistan ijoollotni/barattootni si'aayinaan isin hordofu?" gaaffiin jedhu barsiisota 3f dhiyaatee 3 nu yommuu barsiisaan/tuun dubbisu/tu ta'e ibsa godhu/tu dhaggeeffachuu jechuun deebii kennaniiru. Kanaafuu yaada isaanii irraa akkuma hubachuun danda'amutti barattootni kutaa keessatti ogummaa afaanii keessaa irra jireesa dhaggeeffachuu Kan barbaadan ta'uu isaanii ti.

6ffaa irratti barattootni ogummaa dubbisuu isaanii akkamiin guddifachuu akka danda'an beekuuf jecha gaaffiin "Faayidaan ogummaa dubbisa dubbisuu isaanii fooyyeffachuun barattootaa maal jettanii yaaddu?" gaaffiin jedhu barsiisota 3f dhiyaatee 3 nu carraa argameefi haala mijateen

dubbisuufi dubbisuu qofaan jechuun deebii kennaniiru. Kanaafuu yaada isaanii irraa akkuma hubachuun danda'amutti barattootni ogummaa dubbisuu isaanii kan isaan fooyyeffatan dubbisa kutaattis ta'e kutaadhaan alatti barreeffamoota adda addaa dubbisuu ta'uu isaanii ti.

7ffaa irratti Dubbisaaleen kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 7ffaa keessatti qophaa'e hawwataa ta'uufi ta'uu dhiisuu isaa adda baafachuuf jecha gaaffiin "Dubbistni kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 7ffaa keessatti qophaa'an nama hawwatuu? Maaliif?" gaaffiin jedhu barsiisota 3f dhiyaatee 3 nu ulaagaa qophii kitaabaa guutee qophaa'us ogummaa barattootaan ol waan ta'eef barattoota kan hawwatu miti jechuun deebii kennaniiru. Kanaafuu yaada isaanii irraa akkuma hubachuun danda'amutti kitaabni barnoota Afaan Oromoo barattootaa ogummaa barattootaa jiddugaleeffatee kan hin qophoofne ta'uu isaa ti.

8ffaa irratti Ogummaan dubbisuu barattootaa akka guddatuuf gaheen olaanaan kan eenyuu akka ta'e beekuuf jecha gaaffiin "Ogummaan dubbisuu barattootaa akka guddatuuf gahee olaanaan eenyu irraa eegama?" gaaffiin jedhu barsiisota 3f dhiyaatee 3nu ogummaan dubbisuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii guddisuuf gaheen guddaan qaama baay'ee irraa eegama. Keessumattuu mana barumsaa,muummee barnoota Afaan Oromoo, barsiisaa, barataa, maatiifi kkf ndha. Irra jireessa garuu gahee olaanaan kan irraa eegamu dhimmi isaa kallattiidhaan kan isaan ilaallatu barsiisaafi barataadha jechuun deebii kennaniiru. Kanaafuu yaada isaanii kana irraa akkuma hubachuun danda'amutti guddina ogummaa dubbisuu barattootaaf qaamoleen adda addaa deeggarsa godhan yoo jiraatanillee gaheen olaanaan kan eegamu garuu barataafi barsiisasa irraa ta'uu isaa ti.

9ffaa irratti Barnoota Afaan Oromoo akka Afaan tokkoffaafi akka Afaan lammaffaatti barsiisuun garaagarummaa qabaachuufi qabaachuu dhiisuu isaa beekuuf jecha gaaffiin "Afaan Oromoo akka afaan tokkoffssfi lammaffaatti barsiisuun garaagarummaa qabaa?" gaaffiin jedhu barsiisota 3f dhiyaatee 3 nu garaagarummaa guddaa qaba jechuun deebii kennaniiru. Sabababiin isaas haallaai hubannaa,ogummaa akkasumas qophii kitaabaallee adda adda waan ta'eef garaagarummaa qabaata jedhaniiru.Kanaafuu yaada isaanii kana irraa akkuma hubachuun danda'amutti barnoota Afaan Oromoo akka Afaan tokkoffaafi akka Afaan lammaffaatti barsiisuun garaagarummaa kan qabu ta'uu isaa ti.

### 4.3 Ga'umsa mala dubbisuu dhiyeessuu

**Qaaccessa gaaffilee af-gaaffii itti gaafatamaa muummee Afaan Oromootiif dhiyaate**

Kutaan kun immoo dubbisa barsiisuu Afaan Oromoo barattoota akka Afaan lammaffaatti barataniifi barsiifamu irratti akka mana barumsa isaaniitti yaadni itti gaafatamaa muummee Afaan Oromoo irraa walitti qabamee qindaa'ee kutaa itti qaacceffamedha.

Haaluma kanaan 1ffaa irratti Barsiisota Afaan Oromoo mana barumsa isaaniitti barsiisaa jiraniif leenjiin ogummaa isaanii ittiin fooyyeffachaa deeman jiraachuufi jiraachuu dhabuu isaa beekuuf jecha gaaffiin "Adeemsa baruu barsiisuu irratti leenjii barsiisota Afaan Oromootiif kennamu ni jiraa?"gaaffiin jedhu dhiyaateefii darbee darbee malee hin kennamu jedhanii yaada kennaniiru. Dabalataanis leenjiin gama mootummaatiinis ta'e gama mana barumsaatiin adeemsa baruufi barsiisuu itti yaadamee sagantaa isaa eegee qindoominaan kan kennamu osoo hin taane yaaduma hojjetameera jechuuf kan kennamudha jedhaniiru. Yaada isaanii kana irraa hubachuun akkuam danda'ametti manni barumsaafi muummeen barnootaa barbaachisummaa isaa itti amananii itti karoofatanii bu'aa qabeessummaa isaa itti amananii leenjii fooyya'insa ogummaa kan kennaa hin jirreefi kan kennamullee quubsaa kan hin taane ta'uu isaati.

2ffaa irratti Mana barumsaa sana keessatti barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan muuxannoo waliifi kennuufi wal irraa fudhachuu irratti maal akka fakkaataniifi muummeen Afaan Oromoo immoo haala mijeessuu irratti maal akka fakkaatu baruudhaaf jecha gaaffiin "Barsiisonno Afaan Oromoo akkaataa barnoota Afaan Oromoo itti barsiisan muuxannoo wal jijjiiruu irratti maal fakkaatu?" gaaffiin jedhu isaanii dhiyaatee ture.

Itti gaafatamichis gaaffii kanaaf deebii yommuu kennan adeemsi muuxannoo wal jijjiiruuu barsiisonni tooftaa ogummaa isaanii ittiin fooyyeffatan keessaa isa tokkodha.Haa ta'uyyu malee barsiisonni baay'een garuu shaakala akkanaa hin qaban.Kunis kaniinni ta'u yeroo baay'ee sadarkaan barnoota isaanii fi muuxannoon isaanii walitti siqaa ta'uufi fedhii dhabii irraa kan ka'edha. Gara muummee Afaan Oromoottis yommuu dhufnu bifuma kanatu nu mudachaa jira. Haa ta'uyyu malee gayuu darbee darbee jidduu isaaniitti haalli mijatee muuxannoo akka wal jijjiiran ni godhama.Yaada isaanii kana irraa kan nuti hubannu fedhii qabaatanii sagantaan kun akka qophaa'uufii gaafatanii kan irratti hirmaatan osoo hin taane gama mana barumsaafi muummee barnootaatiin sagantaan mijateefii kan irratti hirmaatan ta'uu isaaniiti.

3[ffaa] irratti Walitti dhufeenyi barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniifi barattoota jidduu jiru maal akka fakkaatu adda baafachuuf jecha gaaffiin "Waliigalteen barsiisotni Afaan Oromoo barattoota biratti qaban maal fakkaata?"jedhu itti gaafatamaa muummeetiif dhiyaatee gaarii ta'uu isaa ibsaniiru. Itti dabaluunis walitti dhufeenyi jidduu barataafi barsiisaa jidduu jiraachuun isaa garuu al tokko tokko sirrii ta'uu isaa qofa nutty hin argisiisu. Sababiin isaas yeroo baay'ee rakkooleen yookiin wal dhabdeen barsiisaafi barataa gidduutti uumamu hojiin hojjetamuu qabu gama barataanis ta'e gama barsiisaatiin hojjetamuu dhiisuu isaatiini. Kunis kan ta'u fakkeenyaaf barsiisaan hojiilee/shaakala/gilgaalota/hojii manaa adda addaa kennee barataan hojjechuu dhiisuutiin nageenyi jidduu isaanii jiru sirrii ta'uu dhiisuu danda'a. Haa ta'u malee bu'uura rakkoo sanaa yoo kan ilaallu ta'e garuu adeemsichi adeemsa sirrii waan ta'eef rakkoodha jedhamee ilaalamuu hindanda'u. Gama biraatiin immoo barsiisaan/tuun wayita barnoota isaa/ishee daree seenee waan hinbarsiisneef qaama bulchiinsaatti himachuu barattootaarraan kan ka'e rakkoo uumamudha.Kunis irra keessaan yommuu ilaallu rakkoo fakkaata malee bu'uura isaatiin yommuu ilaalamu sirrii ta'uu isaati jedhaniiru. Yaada isaanii yommuu xumutran sanas ta'e kana garuu sababoonni ka'an kun akkuma jiran ta'ee hanga yoonnaatti walitti dhufeenyi barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniifi barattoota jidduu jiruu gaariidha jedhaniiru.

**4.4 Haala leenjii barsiisotaa**

**Qaaccessa Qabxiilee Daawwannaa Daree qorataadhaan gaggeeffamee Mirkaneessituu cheekliistii Daawwannaa Daree keessaa**

**Gabatee-6-Qaaccessa bu'aa daawwannaa qorataadhaan gaggeeffamee**

| Lakk | Hojiiwwan hojjetamuu qaban | Raawwatame | Hinraawwatamne |
|---|---|---|---|
| 1 | Dubbisa ofii filachuun barattootaaf qopheesse/site | | √ |
| 2 | Ogummaan dubbisuu qofaati kutaatti barsiifamaa jira | | √ |
| 3 | Barattootni ogummaa dubbisuu isaanii akka gabbifataniif barsiisaan/tuun jajjabeessaa jira/ti. | √ | |
| 4 | Barsiisaan/tuun kutaatti tooftaa dubbisuu dubbisaan barsiisuu jedhu hojiirra oolchaa jira/ti. | | √ |
| 5 | Gochaalee dubbisaa daree keessatti sadarkaa isaa eeganii (dubbisa dura,wayita dubbisaafi dubbisa booda) shaakalsiisaa jiru. | √ | |

Akkuma gabatee jahaaffa kana irraa hubachuun danda’amutti qorataan qorannoo kanaa yommuu qorannoo kana gaggeessan wayitii dubbisuu barsiisuu barnoota afaan Oromoo barsiifamu daawwannaa adeemsa baruufi barsiisuu dubbisuu afaan Oromoo daree keessaa gaggeessaniiru.

Haaluma kanaan gaaffii;-

1[ffaa] irratti Dubbisa ofii filachuun barattootaaf qopheessee/tee

2[ffaa] irratti Ogummaa dubbisuu qofaati kutaatti barsiifamaa jira

4[ffaa] irratti Barsiisaan/tuun kutaatti tooftaa dubbisuu dubbisaan barsiisuu jedhu hojiirra oolchaa jiraachuufi jiraachuu dhiisuu isaanii akkasumas haala barbaadamuun shaakalsiisaa jiraachuufi jiraachuu dhiisuu isaanii beekuuf jecha qabxiilee gaafannoo 1[ffaa] 2[ffaa]fi 4[ffaa] irratti barreeffamaniin qorataa qprannoo kanaan daawwannaan gaggeeffamee gochaaleen Kun wayita dubbisa barsiisan Kan hinraawwatamne ta’uu isaaniiti.

Qabxiileen kunis barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan kun kaayyoo isaanii galmaan geessisuu kan isaan dandeessisu hojiilee hojjetamuu qaban dursa qopheessanii barattootaafi dhiyeessaniirumoo hindhiyeessine ,ogummaa afaanii keessaa ogummaa dubbisuu qofaatti adda baasuun akka beekan gochuun hojjetameeramoo hin hojjetamne akkasumas gochaalee dubbisaa daree keessatti sadarkaa isaa eeganii (dubbisa dura,wayita dubbisaafi dubbisa booda) shaakalsiisaa jiraachuufi jiraachuu dhiisuu isaanii addaan baafachuuf kan qophaa’ani dha.

Haaluma qabxiilee olitti qindaa’anii daawwannaan gaggeeffameen Kan nuti hubannu barsiisonni kun dubbisa Afaan Oromoo yommuu barsiisan sirriitti itti xiyyeeffatanii dubbisa irratti shaakalsiisuu danda’an:-

- barruulee adda addaa qopheeffatanii akka daree keessatti hin argamne
- Ogummaa dubbisuu irrattis qophaatti yeroo sagantaa isaa xiyyeeffannoo kennanii akka hin shaakalsiisneefi
- Tooftaan dubbisuu dubbisaan barsiisuu jedhu wayitii barnootaa kanatti hojiirra kan hin oolleefi daree keessatti raawwataman xiyyeeffannoo itti kennuun walduraa duubaan kan hin raawwanne ta’uu isaanii ti.

Karaa biraatiin immoo 2[ffaa] irratti Barsiisonni barattoonni ogummaa dubbisuu isaanii akka gabbifatani jajjabeessaa jiraachuu isaanii adda baafachuuf jecha qabxii daawwannaa

“Barattootni ogummaa dubbisuu isaanii akka gabbifataniif barsiisaan/tuun jajjabeessaa jira/ti” jedhuun daawwiin gaggeeffamee afaaniin akka jajjabeessaa jiran hubatameera. Haa ta’u malee garuu gochaalee raawwatamuu qabu osoo hin raawwatiin afaaniin qofa jajjabeessuun bu’aa jijjiiramaa argamsiisu hin qabu. Kanaafuu yaadni isaa akka hojjetameerutti haa ilaalamu malee bu’aan isaa garuu hammanuma jajjabeessaa akka hin taane nutti mul’isa.

5ffaa irrattis gochaaleen dubbisaa wayitii barnoota Afaan Oromoo sagantaa dubbisuu barsiisuu keessatti duraa duuba isaanii eeganii raawwatamuu isaanii hubachuuf jecha qabxii daawwannaa “Gochaalee dubbisaa daree keessatti sadarkaa isaa eeganii (dubbisa dura,wayita dubbisaafi dubbisa booda) shaakalsiisaa jiru.” jedhuun daawwiin gaggeeffamee afaaniin akka jajjabeessaa jiran hubatameera.Keessumattuu gochaaleen dubbisa duraafi dubbisaan boodaa guutuu haala yaadameen guutuu ta’uus baatan kan raawwataman yommuu ta’u gochaalee wayita dubbisaa garuu raawwachuu irratti hanqinni jiraachuu isaa daawwatameer

# BOQONNAA SHAN

## Cuunfaa, Argannoo, Yaboo

Boqonnaa kana jalatti cuunfaafi argannoowwan qorannichaa bu'uura godhachuudhaan yaboo ykn yaada furmaataa kennamantu dhiyaata.

### 5.1 Cuunfaa

Kaayyoon guddaan qorannoo kanaa ogummaa dubbisuu barsiisuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratanii mana barumsa sad.1ffaa Roggeefi Gammee maal akka fakkaatu xiinxaluudha.Rakkoowwan yookiin gufuuwwan jiraniifi cimina mul'atanis adda baasuufi hanqinaalee mul'ataniif immoo yaada furmaataa immoo eeruudha. Bu'aan qorannoo kanarraa argamus namoota gara fuula duraatti qorannoo biroo mataduree kanaan walfakkaatu ykn walitti dhiyaatu irratti adeemsisaniifi barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniif, barttoota akka afaan lammaffaatti Afaan Oromoo baratan yeroo adeemsi baruufi barsiisuu gaggeeffamu maal gochuu akka qabaniifi ogummaa kana barsiisonni haala ittiin barsiisuu qaban barattootni immoo haala ittiin barachuu qaban,akkasumas leenjiin barsiisotaaf dubbisuu barsiisuuf kennamuu qabu maal akka fakkaatu addaan baafatanii akka beekaniif isaan gargaara. Qorannoon kun hanqina yeroo fi baajataa irraa kan ka'e barattoota Afaan Oromoo akka Afaan lasmmaffaatti baratan Godina Addaa Oromiyaa naannawaa Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa Mana Barumsa sadarkaa 1ffaa Roggeefi Gammee kutaa 7ffaa qofa irratti kan daangeffamedha.

Iddattoonni qorannoo kanaa mana barumsaa sadarkaa 1ffaa Roggeefi Gammee,barattoota Mana barumsaa Roggeefi Gammee kutaa 7ffaa Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti baratan, barsiisota Mana barumsaa kanatti Afaan Oromoo kutaa 7ffaa barsiisaniifi itti gaafatamaa muummee Afaan Oromoo mana barumsichaa yommuu ta'an, qaamolee qorataan iddattoowwan godhee fudhate kanarraa immoo odeeffannoo walitti qabachuuf gaaffilee waliigalaa dhimma dubbisuu barsiisuu Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti barsiisuu irratti qophaa'anii barattootaaf dhiyaatan,gaaffilee qormaataa dubbisa dhiyeessuufiin dubbisa kana keessaa bahan,Wayita daree barnootaa Afaan Oromoo irratti haala ittiin dubbisuun barsiifamuu,akkasumas af-gaaffii mana barumsaa kana keessatti barsiisota Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti barattoota kana barsiisaniifi itti gaafatamaa Muummee Afaan Oromoo akka madda odeeffannootti gargaarameen jira.Dabalataanis qabxii daawwannaa dursa qopheeffachuun

wayita baruufi barsiisuun gaggeeffamu haala kamiin gaggeeffamaa akka jiru odeeffannoon walitti qabaman maddoota raga qorannoo kanaa isaan ijoodha.

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaaname immoo bar-gaaffii waliigalaa, qormaata,af-gaaffiiwwaniifi daawwannaadha. Tooftaa odeeffannoon ittiin funaaname barattootaaf mala iddattoo carraa fayyadamuun barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan keessaa barattoota 120 (dhibba tokkoofi digdama) fudhachuudhaan yommuu ta'u barsiisotaafi itti gaafatamaa muummeedhaaf garuu akkuma jiranitti fayyadamuudhaanidha.Odeeffannoon walitti qabamee qindaa'e Kun immoo kaniinni qaacceffame mala akkamtaafi hammamtaa (makootiin) dha.

Odeeffannoo sassaabamee qindaa'ee qaacceffame kana irraa akka hubannutti ogummaan dubbisuufi dubbisanii hubachuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii laafaa ta'uu isaa ti.Kunis akka odeeffannoo walitti qabamee qaacceffame irraa hubatamutti barattoonni yeroo dubbisa baratan akka mataduree barnoota dubbisa dubbisuu barachuutti saayinsii isaa eeganii tarsiimoo hordofuuniifi ulaagaa guutamuu qabu guutanii kan hin hinbaranne ta'uu isaanii ti.Akkasumas barruuleefi kitaabolee Afaan Oromootiin barreeffaman dubbisuu dhiisuun,dubbisa kitaaba barataa iirratti dhiyaatan dubbisanii xumuruudhaafillee fedhii kan hin qabne ta'uun isaanii beekameera.

Barsiisonnis barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniif tarsiimoofi tooftaalee adda addaa fayyadamuun barnoota dubbisuu kana sirriitti akka baratan gochuu irratti gaheen isaan taphachaa jiran gadaanaa ta'uu isaa ti.

### 5.2 Argannoo

Qabxiilee qaaccessa ragaawwan bar-gaaffii odeeffannoo waliigalaa,bar-gaaffii qormaata dubbisa keessaa bahanii,bargaaffii hojiilee wayita barnootaa daree keessatti barsiisotaafi barattootaan raawwatamanii barattootaafi dhiyaatanii,af-gaaffii barsiisota Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti barattoota kana barsiisaniif akkasumas itti gaafatamaa muummee Afaan Oromootiif dhiyaatee yaadni irratti kennamee qindaa'e bu'uura godhachuun qorataan qorannoo kanaa yaada armaan gadii kaaheen jira.

Barattootni mana barumsa Sad.1[ffaa] Roggeefi Gammee kutaa 7[ffaa] Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii dandettii afaanii keessaa Kan qorannoon Kun irratti xiyyeeffate

ogummaa dubbisuu barachuu irratti xiyyeeffannoo hin kennani. Sababa kanaaf, gahumsi ogummaa Afaanii keessaa dubbisuu irratti qaban baay'isee gadaanaa ta'uu qormaataafi bar-gaaffii isaaniif dhiyaatee yaada irratti Kennan irraa hubatameera.

Gahumsi isaan ogummaa dubbisa dubbisanii hubachuu irratti qaban maal akka fakkaatu beekuuf qorataan qorannoo kanaa qormaata ogummaa dubbisuu isaanii madaalu kenneefii yommuu madaalu qabxii barattootni hedduun galmeessan giddu galeessaan gadaanaa dha.

Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaas yaada kana irratti hundaa'uun gahumsi barattoota mana barumsa sadarkaa 1ffaa Roggeefi Gammee kutaa 7ffaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii irratti qorannoo hojjechuun barbaachisaa ta'uu isaa mirkaneessee jia.

Maddi yookiin guufuun dubbisuu barsiisuu Afaan Oromoo bu'aa qorannoo kanaatiif sababa ta'an immoo akka bar-gaaffiin barattootaa fi af-gaaffiin barsiisotaafi itti gaafatamaa muummee Afaan Oromootiif dhiyaatee yaadni irratti kenname irraa hubatamutti qaamolee adda addaa ta'uu isaati.

A. Madda barattootaa kan ta'an

- barattoonni kun tarsiimooleefi tooftaalee dubbisuu barachuu hunda eeganii dubbisa hubannoo barachuu dhiisuu isaanii,
- muuxannoon barruulee Afaan Oromootiin barreeffaman dubbisuu isaanii gadaanaa ta'uu,
- dubbisa isaaniif kenname dubbisanii xumuruu irratti hanqina qabaachuu isaanii,
- Fedhii dubbisa barachuu dhabuu isaanii ta'uun hubatameera.

B. Madda barsiisotaa kan ta'an

- barsiisotni daree keessatti dubbisiisuu dhiisuufi
- yommuu isaan dubbisanis hordofuu dhiisuu,
- Kitaabolee adda addaa dubbisaalee fedhii barattootaa kakaasaniifi gara barnootaatti isaan hawwatan qabatan fayyadamuu dhiisuu barsiisotaa ta'uu isaanii beekameera.
- Leenjiin barsiisotaaf kennamu gahaafi itti fufiinsa qabaachuu dhiisuu.

C. Madda itti gaafatamaa Muummee kan ta'an

- Barsiisonni mana barumsaa kanatti Afaan Oromoo barsiisan leenjii ogummaa isaanii ittiin haareffachaa deeman adda addaa qopheessuu dhabuufi
- Sagantaan muuxannoo waljijjiirraa barsiisota jidduutti bal'inaan qophaa'uu dhiisuu ta'uun isaa hubatameera. Akkuma waliigalaatti maddi hanqina ogummaa dubbisuu

barattoota Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti baratanii kun barsiisonn, barattoonniifi itti gaafatamaan muummee gahee isaanirraa eegamu sirnaan bahuu dhabuu isaanii ta’uun beekameera.

### 5.3 Yaboo

Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan akkuma olitti eerame Ogummaa dubbisuu barsiisuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaattii baratanii xiinxaluun kaahuu ta’ee achi keessatti hubannaa barsiisonniifi barattoonni dubbisuu barsiisuufi barachuu irratti qaban adda baasuu,gufuuwwaniifi cimina jiran adda baasuufi tooftaalee dubbisuu afaan oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuuf nu gargaaran adda baasuun isaan ijoodha.

Qorataanis argannoowwan isaa irratti hundaa’uun rakkoo hanqina dubbisuu barsiisuu barattoota Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti barataniif furmaata kan ta’u akka armaan gadiitti dhiyeesseera.

1. Barattootni hundi shaakalliin dubbisuu yommuu isaaniif kennamu haala barsiisaan/tuun isaan qajeelchaniin dubbisanii xumuruu
2. Kitaabolee barataa akka irraa barataniif isaaniif kenname wayitii barnootaa qaban hundatti qabatanii argamuu
3. Barattootni fedhii dubbisa dubbisuu qabaachuu
4. Leenjiin barsiisotaaf kennamu gahaafi itti fufiinsa Kan qabu ta’uiu qaba.
5. Barsiisonni barattootni dubbisuu akka fedhaafi jaalalaan baratan tarsiimoofi tooftaalee dubbisaa gara garaa fayyadamuu
6. Dubbisuu barsiisuufi kitaaba barataa cinaatti barruulee afaan Oromootiin barreeffaman dubbisiisuun fedhii isaanii kakaasaa deemuu
7. Itti gaafatamaan muummee immoo barsiisonni sagantaa muuxannoo itti wal jijjiiraniifi leenjii ogummaa isaanii itti fooyyeffatan yeroo yeroon qopheessuu

Walumaa galatti rakkoolee armaan olitti adda bahaniif furmaatni madaalawaan yoo kenname gufuun jiru hundeedhaan buqqa’ee bu’aan gaariin akka nama dhuunfaatti, akka mana barumsaatti, akka naannoottiifi akka biyyaatti ni argama.

## Wabiilee


Addunyaa B. (2011).Akkamtaa; Yaad-rimee Qorannoo Hujoo.Finfinnee : Oromiyaa

Amble,B.&Muehl (1966).Perceptual span training and reading achievement .Journal of educational psychology

Bazerman (1999).Reading Skill. U.S.A. Houghton Mifflin Company.

Cook V.(2001).Linguistics and second Language Acquisition ;Combrige.

Dastaa D. (2013). Bu‟uura Qorannoo.Finfinnee Dhaabbata MaxxansaBoolee.

Geetaachoo R.(2009).Furtuu SeerlugaAfaanOromoo kutaa 9fi10.Finfinnee.

Geetahuun D.(2016),Yaadaiddama Afaan Barachuufi Barsiisuu.Yuuniversiitii Amboo.

Grellet,F.(1981).Developing of Reading Skills.Cambridge University Press.

Harmer,J.(1991).The practice of English Language Teaching.London:Longman.

Krashen, S (2009).Second Language acquisition and second Language Learning.Oxford: Pergamon.

Kuulanii F. (2010/2018).XiinxalaS Ogummaa dubbisanii Hubachuu.Digirii 2ffaa guuttachuuf;kan hinmaxxanfamne.Yuuniversiitii Finfinnee,Finfinnee.

Kuusaa Yaadannoo Leenjii Barsiisotaa Afaan Oromoo Kutaa 5-8.Oromiyaa, Amajjii,2019.

Lambert and Wallace,F (1972).Psychology and Culture.Stand ford.Stand ford University press.

Lawgaw (1990),The impact of Reading ability in English on the reformance of some content subjects.Addis Ababa University.MA Thesis (Unpublished)

Misgaanuu G.(2011).Sanyii,Ogummaa Dubbisuu.Finfinnee,Oromiyaa.

Nuttal ,C.(1982):Teaching reading skills in Foreign languages.Heineman.

Richard J. (1990) and Nunan D. (1990).Secondary Language Teaching Education:Combridge University Press.

Spolsky, B. (1989).Condition for second Language Learning. Oxford:Oxford University Press.

Thompson, A.(2001):Critical English for academic Purpose:Theory,politics,and practice.Mahwah,NJ:L.Erlbaum.

Tolemariam (2017).Caasaalee Shanan Dubbisuu Afaan Oromoo.Social Advertising and printing.AddisAbaba:, Ethiopia.

Widdowson H.(1991).Aspect of Language Teaching.Hong Kong.

William J.(1984),Reading in the Language classroom.Macmillan publishers.

Williamis R.(1986),Top Ten Principles for teaching reading;Journal vol.40No.1 Oxford University press.

## Dabalee A

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kollejjii Barnootaa Muummee Afaan Oromoofi Og-barruu**

Bar-gaaffiin kun barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti Mana Barumsaa Sadarkaa 1ffaa Roggeefi Gammee kutaa 7ffaa barataniin kan guutamudha.Kaayyoon qorannoo kanaa ogummaan dubbisuu kutaan barattoota afaan oromoo akka afaan lammaffatti kutaa 7ffaa keessatti barataniifi barsiifamuu maal akka fakkaatu sakatta'uudha.

Jaallatamoota barattootaa qorannoon kun kaayyoo yaadameef galamaan gahuu kan danda'u yoo isin yaada haqaafi deebii sirrii kennitan qofadha. Kanaafuu yaada isiniirraa barbaadamu akka naaf kennitan isin gaafachaa yeroo keessan aarsaa gochuun gargaarsa isin naaf gootaniif durseen isin galateeffadha.Bar-gaaffii kana irratti maqaan hin barreeffamu.

**Kutaa- I**

**Odeeffannoo dhuunfaa**

1. Maqaa mana Barumsaa ________________________________________
2. Kutaa _________Daree _______________Saala______________________
3. Afaan jalqaba afaan ittiin hiikte___________________________________

**Kutaa-II**

Kutaan kun odeeffannoo waliigalaa barnoota dubbisa Afaan Oromoo irratti kan xiyyeeffate ta'ee barattoota Afaan oromoo akka Afaan lammaffaatti barataniif kan dhiyaatedha.

**Qajeelfama:** Gaaffilee armaan gadiitiif filannoo kennaman keessaa qubee deebii sirrii qabatetti maruun deebisi.

2.1 Barnoota dubbisuu Afaan oromoo akkamiin gabbifachuun danda'ama?

A. Namni biroon sagalee ol kaasuudhaan yoo dubbise
B. Barreeffamoota Afaan Oromootiin barreeffamanii jiran dubbisuun
C. Dubbisa Afaan Oromoo gara afaan Amaariffatti jijjiiruun
D. Yeroo mara Afaan Oromoo dubbisuun

2.2 Barnootni dubbisuu kutaa keessatti yommuu barsiifamu dubbisa kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessa jiru dubbisuu ni jaallattaa?

A. Baay’een jaaladha. B.Darbee darbeen jaaladha C. Gonkuma hinjaaladhu

2.3 Kutaa keessatti barnoota Afaan Oromoo yommuu barattuu ogummaa afaanii keessaa isa kam jallatta?

A. Dubbisuu B. Barreessuu C. Dubbachuu D. Dhaggeeffachuu

2.4 Barsiisaan/tuun afaan Oromoo barsiisan ogummaa afaanii keessaa isa kam irratti xiyyeeffannoo kennu?

A. Dubbisuu B. Barreessuu C. Dubbachuu D. Dhaggeeffachuu

2.5 Shaakalli dubbisaa kutaa keessatti yommuu siif kennamu dubbistee ni xumurtaa?

A. Lakki B. Nan xumur.

2.6 Deebiinke Lakk.2.5 Lakkii yoo ta’e sababiin isaa maali?

A. Fedhii dhabuu B. hanqina ogummaa C. hanqina yeroo D. hordofamuu dhabuu

2.7 Barsiisaan/tuun Afaan Oromoo yommuu dubbisuu kutaa keessatti barsiisan maalitti gargaaramu?

A. Kitaaba barataa irratti dubbisa dhiyaate qofa
B. Barruuleefi gaazeexaa adda daa irraa
C. Lamaanuu ni gargaaramu

2.8 Dubbisaaleen kitaaba barataa kutaa 7$^{ffaa}$ keessaati dhiyaataniifi mata-dureen isaanii maal fakaata?

A. Gabaabaafi hawwataa B dheeraafi nuffisiisaa C. Wal makaa D. dhimmoota hinbeekamne

2.9 Wayitii barnoota Afaan Oromoo barattootni hundi kitaaba isaanii qabatanii dhufuu? (deebii tokkoo ol filachuun ni danda’ama)

A. Lakki hinqabatani B. Baay’een isaanii qabatu C. harki caalu hinqabatani

2.10 Deebiin gaaffii Lakk. 2.9 hin qabataniitti caala yoo ta’e sababni isaa maali?

A. Hanqina kitaabaa B. Fedhii qabatanii deemuu dhabuu C. deebiin biraan yoo jiraates asitti ibsaa ______________________________________________

**<u>Kutaa-III</u>**

**<u>Dubbisa</u>**

Osoo boochuu bararraan Bara lakkoofte. Boodarra garuu dulluma keessa imimmaan ijashee **qoorfatte**.Yeroo Qabbaneen da'umsaaf gargargaluuf kaatetti waaqni gadameessa ishee **jiise**. Badhaasa dulluma keessaa.**Waanofii** jetteen adde **Qabbaneen** mucaa dhalateen.Badhaasa Rabbii! Hawwii maatii isaa Kan Bara dheeraa.Guddinni hin dhibu.Guddinni isaa ni saffisa.Ilma kutataafi onnataadha kan waan jedhe irraa hin deebine.Amma haalaan of bareeraa. Mana barnootaas galeeraa. Dafee guddatus dafee barnoota hingalle.Umrii waggaa 15 tti barnoota jalqabe. Bara 1985 tti kutaa tokko gale.Barataa cimaadha. Erga mana barnootaa galee sadarkaa tokkoffaa gadi dhiisee hinbeekuu.Waggaa waggaan lakkoofsi tokko waan **dhuunfaatti** isaaf kenname fakkaata."Leenca Barnootaa"jedhuun barsiistonni.Gosti barnootaa harka isaatti **hin latne** hinjiru.Koolu galtoota Waanofii ta'aniiruu.Halkan illee hirribni isa hinfudhatu.Tokko tokkoon isaan to'ataa bula.Kan isa jala dhaabatu  hin jiru.Dubbisatti gad teenyaan yeruma tokkoon **duguugee** isaan kaasa.Waanofiitti qayyabannaa caalaa bishaan buufatee dhuguutu itti ulfaata.Waggaa lama dhukkubsatee barnoota ofii addaan kukkute.Garuu barnoota waan jaallatuuf abdii hin kutannee.Ciniinnatee barate.Akkas akkas osoo jedhuu barnoota isaa sadarkaa duraa xumure.  (Jabaa Bule: 77 fi78)

**Gilgaala**

**Gaaffilee armaan gadii dubbisa keessaa bahaniif akkaataa galma isaaniitiin deebii kenni.**

1. Hiikni "gadameessa ishee **jiise"** jedhuu A. Laaffise B. Bishaaniin tortorse  C.dhala kenneef  D.humna dhowwate
2. Waanofiin maal hojjechuu jaalata?  A.Kubbaa taphachuu B. Haadha isaa waliin deemuu C.Bishaan waraabuu D Qo'achuu
3. "Gosti barnootaa Harka isaatti **hinlatne** hinjiru" jechuun A.Hingogne  B.Ija hingodhanne C. Hinteenye D. hinqabamne
4. **Qoorfatte** jechi jedhu  A. cabsatte   B. boohuu dhiiste  C. kufte   D. harkiste.
5. Barreeffama kanarraa maal baranna? Aabdii kutachuu dhiisuu B.Jabaatanii hojjechuu C. dhama'uu  D. hundi deebiidha.

(Maddi-Muummee Afaan Oromoo bara 2012)

**Kutaa-IV**

Kutaa kana keessatti akkaataa barsiisaan/tuun Afaan Oromoo dubbisa Afaan Oromoo barattoota isaaniif itti dhiyeessan kan ilaalludha.Dubbisni barnoota Afaan Oromoo yommuu kutaatti isinii dhiyaatu sadarkaa kamiin akka hojiirra oolan gabatee siif dhiyaate keessatti malla "X" kaa'uun deebisi.

| Lakk | Dalagaa /hojii/dalagamu | Sadarkaa itti raawwatu | | |
|---|---|---|---|---|
| | | Yeroo hunda fayyadamu | Yeroo tokko tokko fayyadamu | Gonkuma hin fayyadamani |
| **3.1** | **Dubbisaan dura** | | | |
| 3.1.1 | Mata duree dubbisa guyyaa waliin wal isin barsiisuu | | | |
| 3.1.2 | Kaayyoo dubbisa dhiyaatee isiniif ni ibsuu | | | |
| 3.1.3 | Jechoota haaraa dubbisa keessatti dhiyaataniif hiika ni kennuu | | | |
| 3.1.4 | Mata duree irratti hundaa'uun maal gochuu akka qabdaniifi maal dalaguu akka qabdan ifa isinii taasisuu | | | |
| 3.1.5 | Gilgaalota dubbisa duraa irratti gareen akka marii'attan ni godhuu | | | |
| **3.2** | **Wayita/Yeroo /Dubbisaa** | | | |
| 3.2.1 | Kaayyoo dubbisa dubbistaniif isinitti himuu | | | |
| 3.2.2 | Daqiiqaa dubbistanii itti xumurtan isin beeksisuu | | | |
| 3.2.3 | Tooftaalee dubbisaa (saffisaan, sakatta'aan…)akka barbaachisummaa isaatti akka dubbistan kallattii isinii kennuu | | | |
| **3.3** | **Dubbisaan Booda** | | | |
| 3.3.1 | Dubbisa dubbistan muuxannoo duraan qabdan waliin akka walqabsiistan gochuu | | | |
| 3.3.2 | Erga dubbistanii xumurtaniin booda ergaa dubbisichaa hubachuufi hubachuu dhiisuu keessan madaaluuf gaaffii isinii dhiyeessuu | | | |

## Dabalee B

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kollejjii Barnootaa Muummee Afaan Oromoofi Og-barruu**

**Af-gaaffii barsiisota barnoota Afaan Oromoo barsiisaniif dhiyaate**

Af-gaaffiin kun barsiisota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti Mana Barumsaa Sadarkaa 1ffaa Roggeefi Gammee keessatti barsiisaniif kan dhiyaatedha.Kaayyoon qorannoo kanaa ogummaan dubbisuu kutaan barattoota afaan oromoo akka afaan lammaffatti baratanii maal akka fakkaatu sakatta'uudha.

Kabajamoo barsiisaa/tuu qorannoon Kun kaayyoo yaadameef galamaan gahuu Kan danda'u yoo isin yaada haqaafi deebii sirrii kennitanidha. Yeroo keessan aarsaa gochuun gargaarsa isin naaf gootaniif durseen isin galateeffadha.

1. Tooftaan "dubbisa dubbisiisuun barsiisuu" jedhu hojiirra oolaa jiraa?
2. Dubbisuu barsiisuudhaaf rakkooleen isin mudatan ni jiruu? Maal maal fa'i?
3. Dubbisuu yommuu barsiistan maddoota barreeffamoota dubbisa barsiisuuf oolan kam kam fayyadamtu?
4. Barattootni Fedhii dubbisuu akka horataniif gahee barsiisaan/tuun tapatu/ttu guddaadha jettanii amantuu?
5. Wayitii sagantaa barnoota Afaan Oromoo ogummaa afaanii keessaa isa kam yommuu barsiistan ijoollotni/barattootni si'aayinaan isin hordofu?
6. Faayidaan ogummaa dubbisa dubbisuu isaanii fooyyeffachuun barattootaa maal jettanii yaaddu?
7. Dubbistni kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 7ffaa keessatti qophaa'an nama hawwatuu? Maaliif?
8. Ogummaan dubbisuu barattootaa akka guddatuuf gahee olaanaan eenyu irraa eegama?
9. Afaan Oromoo akka afaan tokkoffssfi lammaffaatti barsiisuun garaagarummaa qabaa?

## Dabalee C

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kollejjii Barnootaa Muummee Afaan Oromoofi Og-barruu**

Af-gaaffiin kun Itti gaafatamaa Muummee Afaan Oromoo Mana Barumsaa Sadarkaa 1ffaa Roggeefi Gammee keessa jiraniif kan dhiyaatedha.Kaayyoon qorannoo kanaa ogummaan dubbisuu kutaan barattoota afaan oromoo akka afaan lammaffatti baratanii maal akka fakkaatu sakatta'uudha.

Kabajamoo qorannoon kun kaayyoo yaadameef galamaan gahuu kan danda'u yoo isin yaada haqaafi deebii sirrii kennitanidha. Yeroo keessan aarsaa gochuun gargaarsa isin naaf gootaniif durseen isin galateeffadha.

**Af-gaaffii itti gaafatamaa muummee Afaan Oromootiif dhiyaate**

1. Adeemsa baruu barsiisuu irratti leenjii barsiisota Afaan Oromootiif kennamu ni jiraa?
2. Barsiisonno Afaan Oromoo akkaataa barnoota Afaan Oromoo itti barsiisan muuxannoo wal jijjiiruu irratti maal fakkaatu?
3. Waliigalteen barsiisotni Afaan Oromoo barattoota biratti qaban maal fakkaata?

## Dabalee D

**Unka Mirkaneessituu cheekliistii Daawwannaa Daree keessaa**

**Qorataadhaan kan gaggeeffamu**

Maqaa mana barumsaa ______________________________kutaa_________Daree___________

Maqaa Barsiisaa/tuu__________________________________________Wayitii________________

Guyyaa_______________

Unki mirkaneessituu kun barsiisaan/tuun Afaan Oromoo kutaa barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti Kutaan 7$^{ffaa}$n yommuu ogummaa dubbisuu barsiisan gochaalee isaan raawwatan ilaaluuf kan qophaa'edha.Haaluma kanaan gabatee armaan gaditti kenname keessatti mallattoo (X) kaahuudhaan kan guutamudha.

| Lakk | Hojiiwwan hojjetamuu qaban | Raawwatame | Hinraawwatamne |
|---|---|---|---|
| 1 | Dubbisa ofii filachuun barattootaaf qopheesse/site | | |
| 2 | Ogummaa dubbisuu qofaati kutaatti barsiifamaa jira | | |
| 3 | Barattootni ogummaa dubbisuu isaanii akka gabbifataniif barsiisaan/tuun jajjabeessaa jira/ti. | | |
| 4 | Barsiisaan/tuun kutaatti tooftaa dubbisuu dubbisaan barsiisuu jedhu hojiirra oolacaa jira/ti. | | |
| 5 | Gochaalee dubbisaa daree keessatti sadarkaa isaa eeganii (dubbisa dura, wayita dubbisaafi dubbisa booda) shaakalsiisaa jiru. | | |

**Ibsa**

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta‟uu, kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta’uufi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda wabii keessa kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Girmaa Argataa Dheeressaa

Mallattoo ________________________

Guyyaa ___________________

Waraqaan Qorannoo Kun Qorumsaaf akka inni dhiyaatu kanan mirkaneesse ta’uu koo nan beeksisa.

Maqaa Amanuel Alamaayyoo (PhD)

Mallattoo _____________________

Guyyaa ___________________